



“Ilmaan haadha takkaa walajjeessanii geeraruutti Oromoon gammadu hinjiru”

- Birgaader Jeneraal Hayiluu Gonfaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ilmaan Oromoo qe’efi bosona jiran gidduutti nagaan bu’ee qilleensi nagaafi tasgabbi dachee Oromiyaa akka dhuunfatuuf tattaaffiin ummatni Oromoo sadarkaan jiru taasisa jiru daran olaanaadha. Tattaaffiin kun hanga tokko ija godhatee mootummaafi qondaaltonni WBO waliigalteerra ga’uu danda’aniiru.

Gaaffilee, akkamiin waliigalteerra ga’uun akka danda’ame? Waliigaltee kana kan kanaan duraarraa maaaltu adda taasisa? Garri tokko galee gar tokko bosonatti hafee nageenyi Oromiyaa waara’uu danda’aa? jedhanirratti miseensi Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataafi Gorsaan Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Birgaader Jeneraal Hayiluu Gonfaa Kamisa darbe Gaazeexaa Bariisaaf ibsa kennaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Oromoo gidduutti walddhabbiin jiru karaa nagaan akka furamuuf waliin dubbiin Eertiraatti eegalame osoo adda hincitin biyya keessattis namoota garagaraafi sadarkaalee adda addaatti

Gara fuula 14tti




Siinqee
Appiikeeshinii Moobaayil
Baankiingilii Baankii Siinqee
Ammuma, Piyy Istoorii Irraa Buufachuun fajaajila isaa jalqabsisa, maallaqa keessan salphaatti daddabarsaal

Waliigalteen Ankaaraa gaaffii ulaa galaanaa deebisuun dinagdee biyyaa cimsa

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Tibba darbe mootummaa Itoophiyaafi Somaaliyaa gidduutti waliigalteen Ankaaraa mallatteeffamuun ni yaadatama. Waliigalteen kun akka mallattaa’uufis shoora olaanaa kan taphatan Pirezdaantii Tarkiyee Xaayib Erdogaan yoo ta’an, waliigaltichi hariiroo siyaasdinagdeefi

Gara fuula 14tti

Itoophiyaan Yaa’ii Gamtaa Afrikaa 38ffaa baranaaf qophii barbaachisu xumuraa jirti

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan Yaa’ii Hoggantoota Gamtaa Afrikaa 38ffaafi walga’ii koree hojraawwachiiftuu 46ffaan Guraandhala 5-9 bara 2017tti Finfinneetti adeemsifamuuf qophiin barbaachisu xumuramaa jiraachuu himu Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatti, Miseensi Koree Dhaabbii Dhimma Hariiroo Alaafi Nageenyaa Ambaasaaddar Diinaa Muftii.

Ambaasaaddar Diinaan ibsa kaleessa Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan Yaa’ii Gamtaa Afrikaa keessummeessuufi keessummootashee haala gaariin simachuudhaan muuxannoo baroota dheeraa qabdi. Biyyattiin Yaa’ii Gamtaa Afrikaa baranaa haala kan duraaniirra caaluun keessummeessuuf qophii barbaachisu hunda xumurteetti. Keessummoota yaa’ichaa haala gaariin simachuu, bakka isaan qubatan mijeessuufi iddoowwan hawwata turizimii isaan daawwatan mijeessuu dabalatee qophii gahaan taasifamuu himaniiru.

Hojiin misoomni koriidarii Magaalaa Finfinneetti hojjetames miidhaginniifi



Ambaasaaddar Diinaa Muftii

magariisummaan magaalattii daran Yaa’ii Gamtaa Afrikaa baranaaf haala gaariin qophaa’uushee kan agarsiisu ta’uu himanii, hojiin misoomaa kun haala gaarii biyyattii caalaatti kan beeksisuu akkasumas investimantiifi turizimiin biyyattii akka dabaluu taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta’uu himaniiru.

Yaa’iin Gamtaa Afrikaa baranaa mataduree

Gara fuula 14tti

“Gaaffiin keenya jaarraa tokkoofi walakkaa marii kanaan deebi’uu qaba”

- Hirmaattota marichaa

Waasihun Takileetiin

Adaamaa: Oromoon harma hoosisee guddifachaan orma Oromoomsee hammatee guddisee qe’efi qabeenyasaarratti kabaja dhabee cunqurfamaa jaarraa lakkoofsisa tureera.

Abbaa Gadaa Siikkoo Mandoo Baalee kan ta’an Aliyyii Mohaammad Suruur turtii Gaazeexaa Bariisaa waliin taasisaniin Oromoon saba guddaa rogawwan maraan lafee dugdaa biyyattii ta’ee osoo jiru qe’eesaarratti jibbamee, cenyummaansaa mulqamee cunqurfamaa turuu yaadachiisaniiru.

Sirnoonni darban maqaa Itoophiyaa tokkoomteen eenyummaa Oromoo ukkaamsaa, golasaatti alagoomsaa olaantummaa afaaniifi amantii tokkoo itti lallabaa turusaanii himanii; har’a sirna qeenxee akkasii eenyuyyuu dhaga’uu waan hin feeneef mootummaan komii Sabootaafi Sablammootaa furuuf tattaaffiin eegale jajjabeessaa ta’uu kaasaniiru.

Oromoon qe’eesaatti halagoomuun



Abbaa Gadaa Aliyyii Mahammad



Doktor Alamsahaay Tasfaa

Finfinnee keessatti akka lammii lammaffaatti ilaalamaa tureera, magaalaa guddoosaatti kabaja argachuu malu argatee mirgi abbaa biyyummaasaas mirkanaa’uu qabas jedhaniiru.

Gara fuula 14tti

ODUU

Waliigalteen Ankaaraa Itoophiyaafi biyyoota gaanfa Afrikaa birootiif faayidaa damdaneessa qaba

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Waliigalteen Ankaaraatti Itoophiyaafi Somaaliyaan waliimallatteessan kan Itoophiyaafi biyyoota gaanfa Afrikaa biroo fayyadu ta'uu paartiileen siyaasaa morkattootaa ibsan.

Paartiileen kunneen ibsa kaleessa Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaaf dhimmi ulaa galaanaa dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu waan ta'eef ulaa galaanaa akkaataa itti argachuu dandeessurratti lammiin biyyattii hunduu tumsuu qaba.

Paartiin Sirna Gadaa Bilisummaa Oromoo waliigalticha ilaalchisee akka jedhetti, Itoophiyaa ummata miliyoona 120 qabduu mitii, maatiin tokkoyyuu yoo balballi itti cufame daran waan rakkatuuf ulaa ittiin ba'ee galu argachuuf ni iyyata.

Pirezidaantiin paartichaa Abbaan Bokkuu Roobalee Taaddasaa akka jedhanitti, Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuu akka qabdu paartiinsaaniin cimsee barbaada,



ummatni bal'aaan Itoophiyaafi tumsitootni Itoophiyaa hundis ni barbaadu. Haa ta'uu malee, sirni mootummaa jijjiiramaa dura ture keessatti dhimma ulaa galaanaa kaasuun hindanda'amu ture. Mootummaan jijjiiramaa kun garuu dhimma kana ajandaa

godhee kaasusaatiif ummata biyyattii biraa galata guddaa qaba.

Dhimmicha milkeessuuf mootummaan Itoophiyaa Somaalee Laandi, biyya waggoota 30f ofiin of bulchaa turte waliin hojjechuunsaa ta'e, Somaaliyaa wajjin

walii mallateessuun faayidaa malee miidhaa hinqabu jedhanii; ergama nageenya Gamtaa Afrikaa milkeessuuf aarsaa Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaa kaffalaa ture waliigalticharratti Somaaliyaan beekkamtii

Gara fuula 11tti



Seensa Shawaa Barrii Zagaah Uggaa

Hojiin misooma koriidarii Harar hawwattummaan magaalattii akka dabaluu taasisa

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Misoomni koriidarii Nuur Pilaazaafi naannawaansaa xumuramuu Mootummaa Naannoo Hararii beksise.

Pirezidaantiin Ittaantuufi Hoggantuu Biiroo Qonnaa naannichaa Aadde Roozaa Umar ibsa tibba Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka ibsanitti, misoomni koriidarii Nuur Pilaazaafi naannaawaansaa %100 xumuraera. Misooma koriidarii walqabatee hojiin daandii asphaalii gurguddaa magaalaa keessaa %48 irra ga'eera. Hojiin misooma koriidarii baadiyyaas kallattii taa'een hojiirra oolaa jira.

Misoomni koriidarii umuriifi seenaa magaalaa Hararii madaalu bakka sadiitti qooduun adeemsifamaa jiraachuu himanii, isaanis misooma koriidarii Jogol, naannawaa Jogoliifi daandiiwwan aspaaltii magaalattii keessatti argaman hordofee geggeeffamaa jira.

Akka ibsasaaniitti, Harar magaalaa Dhaabbata Muutummoota Gamtoomaniitti Jaarmiyaa Barnoota, Saayinsiifi Aadaatti hambaa taatee galmoofte waan ta'eef misoomni koriidarii duudhaafi seenaa magaalattii eeggate

keessoo Jogolitti hojjetameera. Misooma koriidarii Jogoliifi naannawaansaa Nuur Pilaazaafi daandiiwwan aspaaltii gurguddoo magariisummaa dabalatee hojiin hojjetameen jireenyaafi hawwata turizimiif daran akka mijattu taasisa.

Hojiin misooma koriidarii Magaalaa Harar keessatti raawwatameefi raawwatamaa jiru magaalattii jireenyaafi turizimiif daran akka mijattu taasisaa jiraachuu himanii, misoomni koriidarii hawaasa biratti duraan ija shakkiin ilaalamaa tures yeroo ammaa hawaasa biratti fudhatamummaa guddaa argateera. Namoonni manni isaanii daangaa misoomichaa keessa ooles beenyaa malee diiguun tumsa guddaa taasisaa jiraachuu himaniiru.

Misooma koriidarii walqabatee magariisummaa bal'inaan hojiirra oolaa jiru kunis qulqullina magaalattii mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa kan qabu ta'uu himanii, hojiin misooma koriidarii kun dargaggoota hedduuf carraa hojii uumeera. Hojiin misooma koriidarii aadaa hojii yeroo gabaabaa hojjechuun yeroo dheeraa taa'uu jijjiiruun pirojektota yeroo qabameef keessatti

Gara fuula 11tti

Tajaajilichi lammiilee alaa Itoophiyaa keessa socho'an galmeessuuf qophaa'aa jiraachuu ibse

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Tajaajilli Immigireeshiniifi Lammummaa RFDI lammiilee biyya alaa Itoophiyaa keessa socho'an galmeessuufi to'achuun seera biyyaa kabachiisuuf qophaa'aa jiraachuu beeksise.

Tajaajilichatti Daarektarii galmeessaafi to'annoo lammiilee biyya alaa Obbo Adaanaa Dabbabaa ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, lammiilee biyya alaa Itoophiyaa keessa socho'an galmeessuufi to'achuun seera kabachiisuuf sirni qophaa'aa jira. Seerri dhimma kanaaf ba'e jiraatus dhabamuu sirna galmeessaafi to'annooraan kan ka'e lakkoofsa lammiilee biyya alaa Itoophiyaa keessa jiraniin adda baasaaniin ibsuuf danqaa ta'eera.

Akka ibsasaaniittu, lammiileen biyya alaa karaa seeraan alaa Itoophiyaa seenan daldala gabaa gurraachaa ('black market') fi daddabarsa seeraan alaarratti hirmaachaa jiran ittisuuf eenyutu seene, yoom deebi'a, maaliif dhufe, hangam tura kan jedhu adda baasuun tarkaanfii fudhachuuf hudhaa ta'eera.

Galmeessi lammiilee biyya alaa yeroo lammiileen Yaman gara Itoophiyaatti baqachuu eegalan eegalamuu himanii; sababa rakkoolee tokko tokkootiin kan addaan cite ta'us hunda galmeessuuf qophiin taasifamaa jira jedhan.

Haala qabatamaa yeroo ammaa mul'achaa jiruun lammiilee biyya alaa kunneen yakka daddabarsa seeraan alaa, daldala gabaa gurraachaarratti bal'inaan hirmaachaa jiru jedhaniiru. Kanneen Finfinnee keessa daawwachuuf dhufan Finfinnee qofa daawwatanii akka deebi'an siistamni



mul'isu waan hinjirreef carraa bakka biraa deemanii daawwachuun argachuudhaan dinagdee turiizimii biyyaarraan dhiibbaa geessisu jedhan.

Finfinneetti qaala'iinsa gatii kiraa manaa, carraa hojii lammiilee biyyaaf ooluu malurratti darbanii bobba'uudhaan hoji dhabdummaan akka babal'atu taasisu.

Gama nageenyaanis rakkoo biyya keessaa waan hintaane akka ta'etti babal'isuun dhiyeessuun walqabatee darbee darbee nimul'ata jedhaniiru.

Kunniin hundi qaawwaa seeraafi heera biyyaan utuu hintaane sirna eenyu, yeroom, maaliif akka Itoophiyaa seene adda baasu dhabamuudha. Akka muuxannoon biyyoota sirnaan to'atanitti lammiin biyya alaa tokko battaluma eeyyamni turtiisaa xumurameen tajaajiloonni hundi irraa cituun seerri biyyaa kabajama. Nutis akka biyyaatti sirna akkasii hojiirra oolchuuf qophaa'aa jirra jedhan.

Sooriyaa, Sumaaliyaa, Yaman, Ertiraa, Sudaan, Keeniyaa, Jibuuti, Biraaziil, Baangilaadiish, Hindi, Chaayinaa, Sirilaankaa, Veetinaam biyyoota lammileensaaniin Itoophiyaa keessa seeraan ala socho'an keessaa muraasa ta'uunis hubatameera.

Ijoo Dubbii

Marii biyyaalessaa waliigaltee biyyaalessaatiif

Biyyoonni Addunyaa hedduun dhibdee keessoosaaniitti mudateef marii biyyaalessaan araara biyyaalessaa labsanii waloomaan nageenyasaanii waareessuun ijaarsa biyyaasani milkeessaniiru. Kanaanis fuulasaanii gara misoomaatti deebifachuun imala misoomaa jabeessanii dinagdeessaaniis bu'uura amansiisaarra dhaabaniiru.

Biyyi keenya, Itoophiyaanis seenaa ijaarsa biyyaa waggoota hedduu kan qabdu taatus; qormaatawwan rogdaneessa keessoosheetti mudate sirnaan hiikkachuu dhabuurraa kan ka'e tokkummaa biyyaalessaa cimsuurra gara finxaalessummaa sabaatti imaluuf dirqamte.

Sirnootni dhufanii darbaniifi biyyattiin keessummeessaa dhufte kabaja sabdaneessummaa xiqqeessuun sirna qeenxeetti ulfina hore. Saboota hedduu moggaatti dhiibuun murna gita bittaa muraasaaf haala mijeesse. Saboota jidduutti walgaareffannaafi walshakkii daneesse, jaalalarras jibba hammeesse, tokkummaarra garaagarummaa bal'ise, waljaaruurra walbuqqisuuf haala mijeesse, walceesuurra waltakaaluu humneesse.

Kanaanis dinagdeen dadhabaa, ijaarsi biyyaas laafaafi tokkummaan biyyaalessaa humna dhabaa fincilliifi hokkorri danachuun biyyi keenya ajjeechaafi buqqaatii akka keessummeessituuf dirqamte. Kuufama qormaataa biyyi keenya keessummeessaa jirtuuf fala waaraa kennuuf yeroowwan garaa garaatti yaaliwwan taasifamaa turanis milkii waloo argachuu dhabuusaaniin biyya dirree walwaraansa obbolaafi maraammartoo hiyyummaa keessa daaddistu taate.

Hoggansi jijjiramaa bara 2010 gara aangootti dhufuun walqabatee garuu walwaraansa araaraan, jibba jaalalaan, garaa garummaa tokkummaan injifachuun Itoophiyaa hundaaf hundaan hundarraa ijaaruun sirna dimokraasii dhugaa walmorkii yaadaa qofa bu'uureffate manii taasifachuun imalli eegalame.

Kuufamoota qormaata rogdaneeyyii darbaa dabarsaan dhaloota kana ga'eefis falli waaraan marii labsoofi araara biyyaalessaa milkeessuu ta'uun amanamee dallaa jibbiinsaa dhiifamaan diiguun riqicha jaalalaa waliif ijaaruuf cichimee hojjetame.

Balbala nagaa banamee harki araaraa diriirfamee dhibdeewwan turan hunda mariidhaan furuuf nuffii tokko malee waamicha nagaa taasifamee. Ummannis duudhaasaa ganamaatiin qajeelfamee ulfoosaa qabatee 'waraanni nu haa ga'u nageenyi haa waara'u' jechuun gaafate.

Mariin biyyaalessaas wal dhibdeewwan sababoota siyaasaa fa'iin uumamanirraati karaa ifaafi hunda hirmaachiseen mari'achuun tooftaa rakkoo ittiin furuudha. Marii taasifamu keessatti komii, gaaffiifi maddoota wal dhibdee gama hundaanuu jiran ilaafi ilaameedhaan gaaddisa tokko jalatti waloon irratti mari'achuufi dhimmoota ajandaa ta'uu danda'an walitti qabuun yaada furmaata waaraa akka argatu taasisuudha.

Waliigaltee waloo uumuuf garaagartee jiru ifatti baasuun ummattoota gidduutti waliigalteen biyyaalessaa hunda hirmaachiseefi hunda hammataan akka jiraatu taasisuun biyya hundaaf taatu hundaan ijaaruuf mariin kun shoorra olaanaa qaba. Mariin biyyaalessaa ummattoota gidduutti waliigaltee biyyaalessaa ittifufiinsa qabu uumuu bira darbee sochii hawaasummaa, dinagdeefi ijaarsa biyyaa toorawwan hundaan eegalame milkeessuuf murteessaadha.

Biyya keenya, Itoophiyaatti yeroo ammaa rakkoowwan ammaan dura gangalachaa dhufuun dhaloota gatii kaffalchiisaa jiranitti xumura gochuuf marii biyyaalessaa gaggeessuuf iddoowwan hundatti sagantaan ajandaa walitti qabuu gaggeeffamaa jira.

Bu'uurama kanaan Oromiyaattis waltajjiin marii kutaalee hawaasaa Wiixata darbe Muddee 7 bara 2017 irraa eegalee guyyoota afuriif adeemsifame Kamisa darbe xumurameera.

Komishinaroonni Komishinii Marii Biyyaalessaa dhimma kana ilaalchisanii akka jedhanittis, fedhiin hirmaattonni kuma torbaa ol mari'achaafi wal dhageeffachuuf qaban kan dinqisiifamuudha.

Adeemsa marii kana keessatti sagaleewwan hundi akka dhagahaman, tokko tokkoonsaanii yaada waliif dhageeffachuu mul'ateera. Kunis aadaa dimokraasii marii kanaan guddateedha. Waltajjii marii kanaan bakka bu'oonni karaa ifaafi dimokraatawaa ta'een filatamuun muuxannoo addaa argameedha.

Lammiileen bakka walitti bu'iinsi ture jiraatan maricharratti hirmaachuunis naannolee kaaniif akka muuxannooti kan fudhatamuudha. Adeemsi marii kun kan lammiileetti abdi horee ta'uutti dabalee walhubachuu, walamanuufi aadaa marii gabbisuu keessatti barumsa guddaan kan irraa argameedhas.

Milkaa'ina marichaatiif hayyoonni siyaasaa, beektonni, abbootin amantaa, jaarsoliin biyyaa, abbootiin Gadaa, haadhooliin Siinqeeff qooda fudhattoonni hundi akkaatuma barbaachisummaasaatti hirmaataniiru; dhimmichi dhimma waliigaltee biyyaalessaa waan ta'eef.

Yaada/Ajandaa



Mariifi marabbaa

Jiruu Qananiitiin

Mootummaan naannoo Oromiyaa ummanni naannichaa nagaan bahee akka galu, golli Oromiyaa iddoowwan hundattuu nagaa akka ta'uuf kutannoon hojjachaa ture; milkaa'innis argamaa jira. Kanaanis golli Oromiyaa gara nagaatti deebi'uu eegaluusaatiin walhubannoon uumameera.

Waliigaltee Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO)fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa jidduutti taasifame hordofee hidhattoonni WBO kumaatamatti lakkaa'aman daandii nagaa filachaa jiru. Ummanni Oromoos araaraafi dhiifama gochuun akkaataa duudhaa ganamaatiin golawwan hundatti simachaa, kanneen simatamaniifis leenjiiin haaromsaa kennamaa hawaasatti makamaa jiru.

Mootummaafi ummata qofa osoo hintaane yeroo ammaa hidhattoonni daandii nagaa filatanis waamicha nagaa taasisaa jiru. Kun imala qe'ee Oromoo mareefi marabbaan nagaa taasisuuf qabame kan milkeessu, diinota Oromoon akka tokko hintaanef irratti hojjetan kan qaansuudha.

Miscensonni WBO karaa nagaa filatan yaada ittaaanu kennaniiru. "Karaa nagaa galuu filanneerra. Miidhaa saba keenyarra gahe adeemsa keessa argaa turre. Miidhaas turreerra. Karaan ittiin deemaa turre ummataaf bu'aa akka hinbuusne argineerra, hubanneerra. Qaamni hubate kun ammoo walwaamee walbarbaadee karaa nagaa galuuf murteesse galeera.

Kallattiinsaa nuu galuu didnaan akka ummanni miidhamaa jiru, jaarsiifi jaartiin akkuma nu beekanitti nutti haasa'uudhaan otoo gara nagaatti deebi'ee wayya jedhan. Ummanni waan meeqa ta'aa waan jiruuf ittiyaadnee deebine. Kan itti hin yaadne ammoo bosona keessatti hafe. Inni ittiyaadee dhufe garuu gara nagaatti deebi'eera.

Karaa sirrii nutti fakkaatee baaneerra. Isa baaneen ummata miidhuu malee bu'aan buusne hinjiru. Amma ammoo ummanni dhiifama nuu godhee afaan qawwee itti qabnee nyaachaa turre gadiqabnee gara daandii nagaatti deebineerra. Ummata dhiifama guddaa gaafanna" jedhan.

Qondaalotni duraanii WBO, haala ummanni keessa jiru hubachuun jaallansaanii waliin mari'atanii waliigalteen nagaa barbaachisaa ta'uu amanuun fudhatanii kan galan ta'uu ibsuun, riphee lolaanis humna horatee galma yaadu ga'uu akka hindandeenye, mootummaanis riphee lolaa balleessuu akka

hindandeenye walakkaatti ummanni kan miidhamu ta'uu himaniiru.

"Kan qabsoo hidhannooti WBO galche alagoonni biyya bulchaa turan ummata Oromoo daran dararaa turan. Sanatu akka qabsoon hidhannoo maqaa ABOon akka hundaa'u ta'e. Hanga yeroo dhiyoottillee sanumaan ture jechuudha. Har'a ammoo kan gara kana na fide, ega waanti hunduu yeroo faana deema. Waanti yeroo faana hindeemne hinjiru.

Gaafan yeroo siin jedhu nuti qabsoo bilisummaa Oromoo keessa turre, har'allee sanuma jechuudha. Qabsoo hidhannoon yeroo barbaachisutti, dhukaasni yeroo barbaachisutti, lolli yeroo barbaachisutti hidhannoon lollees wareegama barbaachisu kafallees keessa turre jechuudha.

Adeemsi wal dhabdee siyaasaa afaan qawweetiin hiikuuf deemame aarsaa hedduu kaffalchiise. Walwaraansa bu'aa hinqabneen dararaa ummata Oromoo hammeessuun sirrii waan hintaanef waamicha ummataa owwaachuun gara daandii nagaatti dhufne.

Yoo nagaa dhabuun Oromiyaa keessatti ittifufe egeree Oromootiif yaaddoo waan ta'eef wal dhabdee kamuu mariin furuun gaariidha. Ummata wareega kaffalchiisuufi miidhuu malee bu'aa hinqabu. Nagaa hawaasa keenyaaf jecha waliigaltee kanarra ga'uu geenyee miscensonni keenya gara wiirtuu qophaa'eefitti galaa jiru.

Waraanni kunis erga leenjii haaromsaa fudhate fedhu jiruuf jireenya mataasaa jiraachuu, fedhu ammoo mootummaa waliin ta'uun hojjiilee gara garaa humna raayyaa keessattis ta'ee humna poolisii keessatti qooda kan fudhatu ta'a. Namoonni gara mootummaas ta'e gara keenya goruun walqoqqooduurraa of qusachuu qabu. Miscensonni WBO hafanis galuu qabu" jedhan.

Maanguddoonni biyyaas, "Kaayyoon Jaarraa Abbaa Gadaa, Jeneraal Taaddasaa Birruu, Elemoo Qilxuu, Waaqoo Guutuu, qabsaa'ota bilisummaa Oromoo turanii ilmaan Oromoo Masaraa naqna jedhan malee ofiin seenna hinjenne.

Waaqni nama hunda, dachee, samii, bineensaafi qilleensa uume, dachee bareedduu tana nuu kennee irratti nu uumeera. Kanaaf isa sodaadhaatii warri tokkummaa Oromoo hinfeene nurraa dhaabadhaa. Rabbi ilmaan keenya waliin nagaa nuu buuseera" jechuun waamicha dabarsan.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata
Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

“Fedhiin bittaa elektirikii Taanzaaniyaan dhiyaate hidhi laga Abbayyaa Itoophiyaafi biyyattiif bu’uura guddinaa ta’uu qabatamaatti agarsiisa”

- Ambaasaaddar Diina Muftii

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Gaaffiin bittaa humna elektirikii Mootummaan Taanzaaniyaa Mootummaa Itoophiyaafi dhiyeesse hidhi Laga Abbayyaa bu’uura guddina biyyoota lamaanii ta’uu agarsiisa jechuun Ambaasaaddar Diina Muftii ibsan.

Miscensi Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataafi Walittiqaaban Koree Michummaa Itoophiyaafi Gamtaa Awurooppaa Ambaasaaddar Diina Muftii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, hidhi Laga Abbayyaa bu’uura guddina biyyoota gaanfa Afrikaa ta’uu qabatamaatti mul’ataa jira. Dhiyeesiin humna elektirikii Keeniyaa Jibuutiifis dhaqqabaa jira. Amma ammoo Mootummaa Taanzaaniyaan dabalataan gaafatamuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Mootummaan Itoophiyaa humna elektirikii duraan qabuufi hidha Laga Abbayyaa maddisiisaa jiru dabalatee biyyoota ollaaf dhiyeesuu erga eegalee bubbuleera. Haaluma kanaan Mootummaan Jibuuti Meeggaa Waattii 100 Itoophiyarraa argachaa jiraachuu himanii; Keeniyaa irraan gara Taanzaaniyaatti akka darbuuf gaaffiin dhiyaatus hangaafi yoom akka eegalu yeroo gabaabaa keessatti adda ba’uun hojiirra akka ooluu eegamaa jira jedhaniiru.

Kun akka milkaa’uuf hidhi Laga Abbayyaa shooraa olaanaa qabaachuu himanii; fedhii humna elektirikii biyya keessaaf barbaachisu guutuudhaan gama biroon ammoo biyyoota olla walitti hidhuun akka danda’amu agarsiisaa jira. Kanarra darbee biyyoota gama hundaan walittifiduu qajeeltoo mootummaa Itoophiyaa biyyoota olla “Kennanii fudhachuu” dhugoomsuu keessatti shooraa olaanaa taphachaa



Hidha Laga Abbayyaa humna elektirikaa maddisiisaa jiru

jira. Humna elektirikii biyyoota ollaaf ergamurraa doolaara argamsiisuun guddina misooma biyya keessaaf akka oolu ta’uun dinagdee si’aayaan akka galmaa’u taasisa.

Biyyootni olla Itoophiyaa afaan, aadaa, amantaa, hawaasummaafi qabeenya uumamaa Itoophiyaa waliin qooddachuun duraanuu kan jiruudha. Amma garuu dabalataan bu’aa hidha Laga Abbayyaatiin walitti dhufuudhaan yeroo rakkinaa tokkummaan walbira akka dhaabbatan taasisuun shooraa Itoophiyaan gaanfa Afrikaa keessatti qabdu cimsaa akka deemus eeraniiru.

Itoophiyaan waan gaarii haala kanaan hojjechuudhaan dhiibbaa gaarii uumaa wayita jirtutti, pirezidaantni biyyoota tokko tokkoo qeeqa Itoophiyaa gadiqabuu dhageessisuun haala gaarii Itoophiyaa keessa jiru kan hinlaalleefi gufuu uumuu of keessaa qabaachuu agarsiisa jedhaniiru.

Itoophiyaan kennanii fudhachuufi nagaan mari’achuudhaan bu’aa waloo eegsisuuf hojjechaa waan jirtuuf abbaan fedhe waan fedhe haa jedhu nuti hojii gaarummaa eegalle ittifufuun caalmaatti hojjechuutu fala ta’as jedhaniiru.

Dabalataanis, Mootummaa Itoophiyaafi



humna hidhatee Oromiyaa keessa socho’u gidduu garaagarummaa jiru karaa nagaan akka furamuuf mootummaan Taanzaaniyaa mariin biyyasaatti akka taasifamu deeggaruun nageenyi Itoophiyaa nageenya Taanzaaniyaa ta’uu kan mul’isuufi rakkoo furachuu keessatti waliin dhaabbachuu kan dhugoomse ta’uu dubbataniiru.

Yeroo ammaa bu’aa marichaan gareen Jaal Sanyii Nagaasaatiin durfamu mootummaa waliin garaagarummaa jiru mariin furuuf daandii nagaatti akka deebi’an mariin Taanzaaniyaa ija godhateera. Kanneen hafanis haaluma kanaan gara nagaan rakkoo furuutti akka deebi’aniif gara fuulduraatti kan eegamu ta’a jedhaniiru.

“Laga Gannaalee cinaa teenyee dheebuu bishaanif saaxilamne”

- Jiraattota Nageellee Booranaa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Boorana Bahaatti, jiraattonni Magaalaa Nageellee Booranaa rakkoo bishaan dhugaatii hamaaf saaxilamuu ibsan.

Jiraattotni kunneen yaada torbee darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, rakkoon bishaan dhugaatii magaalicha mudachaa jiru rakkoo baroota hedduu lakkoofsiseefi furmaata hatattamaa kan barbaadudha.

Jiraataa ganda Bururii kan ta’an Obbo Tasfaa Zarihuun akka jedhanitti, waggoota hedduu dura bishaan laga Gannaaleerra harkifametti magaalichi fayyadamaa ture. Haa ta’u malee, baay’inni ummata magaalichaa yeroodhaa gara yerootti dabaluurraan kan ka’e bishaanichi ummata magaalichaa walgahuu waan dadhabeef pirojektii bishaanii haaraa guddaa ijaaruun bara 2014 cebbifame.

Erga pirojektichi ijaamee xumuuramee magaalichatti rakkoon bishaanii itti caalaa dhufe malee furmaatni kan hinargamne ta’uu himanii, yeroo ammaa dubartoonni bishaan barbaacha kilomeetira hedduu imalaa jiraachuu dubbatu.

Kanamalees, jiraattonni magaalichaa bishaan qullinnisaa hinmirkanoofne kan namoota bishaan daldalaniin fageenyarraa dhufu jarikaanii tokko qarshii 20fi isaa oliin bituun itti fayyadamaa jiraachuu himanii, bishaan qullinna hinqabne dhuguun dhukkuboota garagaraatif saaxilamaa jiraachuu kaasu.

Jiraataan ganda Masaa Gafarsaa Hajji Duubaa Waariyoos gamasaanitiin namni bishaan malee jiraachuu hindanda’u jedhani, rakkoon bishaan magaalichaa rakkoo namoomaa waan ta’eef furmaata hatattamaa kennuu akka barbaachisu hubachiisu.

Bishaanichi torbanoota hedduu booda gaafa dhufus iddoowwan hunda keessatti haala walfakkaatuun rabsuurratti waldabarsatu jiras jedhanii; qaamotni mootummaa sadarkaa sadarkaadhaan jiran rakkoo kanaaf xiyyeeffannoo kennuun hojjechuu qabu jedhaniiru.

Gaggeessaan Hojii Dhaabbata Tajaajila Bishaaniifi Dhangala’aa Gannaalee-Nageellee, Obbo Ibsaa Ayyalaa gamasaanitiin akka jedhanitti, rakkoon bishaan dhugaatii magaalichaa waan haalamuu miti. Kanaan dura rakkoo kana furuuf pirojektii bishaanii bajata guddaadhaan magaalichatti hojjetamee bara 2014 cebbifamuu pirojektichi rakkoo dizaayinii waan qabuuf rakkoo magaalichaa furuu hindandeenye. Pirojektii humna ibsaa Gannaalee Dawaa sadaffaan (Genale-Dawa Hydro Electric Power III) iddoo kuusaa bishaanii magaalichatti hojjetamuu irraan kan ka’e rakkoon bishaanii kuni akka uumamu sababa ta’eera jedhaniiru.

Rakkoo kana furuuf kuusaa bishaanii kana

“Nageenyi hundaaf, hundi nageenyaaf”

- Jiraattota Naannoo Amaaraa

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Roobii darbe, Mudde 9 bara 2017 hiriirri balaaleffannaa gochaa finxaaleyyiifi deeggarsa mootummaan olaantummaa seeraa kabachiisuuf hojjechaa jiru guutummaa naannichaatti adeemsifameera.

Akkuma kanaan dura ummanni Oromiyaa ejjennoo mootummaan nageenya waressuuf qabate deeggaruufi dheebuu nageenyaaf qabu yeroowwan adda addaatti addababa’iitti ba’ee ibsachaa ture ummanni Naannoo Amaaraa baay’inaan hiriira bahee waamicha nageenyaa taasiseera, gocha finxaaleyyii daran balaaleffateera, warra alaala taa’anii doorsisaafi summii facaasaa turanis qaaneseera.

Qondaaltonni mootummaa federaalaafi naannichaas kanuma ilaalchisuun ergaawwan adda addaa kan dabarsan yoo ta’u, Ministirri Muumme Ittaanaan RFDI Obbo Tamasgeen Xuruna, “Ummanni



godinaalee, aanaaleefi magaalota Naannoo Amaaraa dhaadannoo “Nageenyi hundaaf, hundi nageenyaaf” jedhuun hiriira gaggeessuun murannoo nageenyaaf qaban agarsiisuusaaniif nan galateeffadha.

Ummanni waamichanageenyamootummaan

irra deddeebiin dhiyeesuu deeggaruun sochii finxaaleyyii balaaleffachuun humnoonni hidhannoo socho’an gara waltajjii nagaatti akka dhufan waamicha dhiyeesaniiru. Naannoo Amaaraa giddugala nageenyaafi

Gara fuula 11tti

Gara fuula 11tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 12 Bara 2017



Sirna Buttaa Qaluu Gadaa Karrayyuu

fuula **10**

“Dhimmoonni Afaan Oromoo afaan federaalaa taasisuu, nageenya amansiisaa mirkaneessuufi kabajamuu daangaa marii biyyaalessaatiin xiyyeeffannoo addaa argachuu qabu”

- *Abbaa Gadaa Siikkoo Mandoo Aliyyii Mohaammadsuruur*

fuula **6**



Wixinee labsii baankotni alaa gara Itoophiyaa akka dhufan affeeru

fuula **9**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Dhimmoonni Afaan Oromoo afaan federaalaa taasisuu, nageenya amansiisaa mirkaneessuufi kabajamuu daangaa marii biyyaalessaatiin xiyyeeffannoo addaa argachuu qabu”

- Abbaa Gadaa Siikkoo Mandoo Aliyyii Mohaammadsuruur

Waasihun Takileetiin

Jaarraa tokkoofi walakkaa oliif Oaromoon mirga qabeenyasaarratti abboomuu, mirga aadaafi afaansaa dagaagfachuufi ofiin of bulchuu dhabee qe'eefi golasaatti akka lammii lammaffaatti ilaalamaa tureera.

Qabsoo obsa fixachiisaafi wareegama qaali kaffalchiiseen sirni sirna nyaatee sirnoonni balaafamoon farra walqixxummaa ta'an marti dabareesani eegani diigamuusaaniin har'a guyyaan caalmaa yaadaafi mariin hudhaa akka naannoofi biyyaatti jiru karaa ilaafi ilamee akka furamuuf mariin sadarkaa biyyaalessaa naannolee hundatti gaggeeffamaa jira.

Kana raawwachiisuufis Komishiniin Marii Biyyaalessaa hundaa'ee hojiitti yoo seenu, yeroo ammaatti marsaa 10ffaaf qopheessummaa komishinichaatiin Adaamaatti gaggeeffamaa jira.

Bu'uuruma kanaan marii biyyaalessaa sadarkaa naannoo Oromiyaatti Mudde 7 hanga 15 bara 2017tti Adaamaatti gaggeeffamaa jirurratti kutaaleen hawaasaa gara garaa kuma saddeet kan hirmaatan yoo ta'u, baniisarratti haasaa mi'aahaa taasisuun qalbi hirmaattotaa kan seenan Abbaa Gadaa Siikkoo Mandoo Aliyyii Mohaammadsuruur Baaleerraa dhufan keessummaa Gaazexaa Bariisaa maxxansa kanaa taasisuun gaafdeebii isaan waliin taasisne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Bariisaa: Mariin biyyaalessaa sadarkaa naannootti qophaa'uun kun Oromoof hiika akkamii qaba jettu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Mariin biyyaalessaa kun sadarkaa naannootti qophaa'uunsaa Oromoof qofa miti sabaafi sablammii kaaniifis hiika guddaa qaba. Maaliif yoo jette sabaafi sablammii ammi kun biyya keessa jiraachuusaayyuu kan hinbeekne hedduudha.

Har'a barri dhufnaan Itoophiyaa keessa sabaafi sablammii 76 akka jiran beekamuu eegale.

Bariisaa: Osoo sabaafi sablammii 76 biyyattii keessa jiranii jiraachuusaanii wallaalamuun maalirraa kan ka'eedha?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Dhugaa dubbachuuf sirnoonni darban marti farra walqixxummaa, farra sabaafi sablammii olantummaa afaan tokkoo, amantaa tokkoo warra labsan turan. Kanarraa kan ka'e Oromoo dabalatee sabaafi sablammii hedduu afaansaa, aadaasaa, duudhaasaa, eenyummaasaatti akka qaana'u, saalfatu taasifamuun cunqursaan sirnaa itti fe'amee hakuucuu jala turan.

Kaan dhiisi Oromoon afaansaa, eenyummaasaa qabeenyasaarratti abbummaa akka dhabu taasifamaa tureera. Ummata akka galaanaa guddaa ta'e kana afaan qawweetiin uggurani qorqalbiinsaa akka jaamu taasifamaa tureera. Sun hundi darbee har'a mirga gadi baanee filachuu, afaan keenyaan barachuu, amantii feene hordofuu arganneerra.

Kun injifannoo guddaa qabsoofi wareegama qaaliin argame waan ta'eef jaarraan tokkoofi walakkaa darbe Oromoofi sabaafi sablammiiif Gadaa dukkanaati yoo jenne isa ibsa.

Bariisaa: Oromoon dhimmaafi faayidaa argachuu malu yeroo gaafatu ija inaaffaafi jibbaan ilaalama, maaliif laata?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Jibbaafi ilaalcha balaafamaa warra kan keenyatti abbaa ta'uu barbaadutu har'as akka jaarraa darbee oftuummaaf warra kaka'uudha. Sun har'a hinjiru. Jaarraa amma keessa jirru kana keessatti kan barbaadamu yoo jiraate walkabajuu qofa.

Sababnisaas akkuma, “Akka baran osoo hintaane akka baraatti bulu” jedhamu

dhugaafi haqaan waldanda'uun malee, namalee Itoophiyaan nidiigamti ilaalcha jedhuun biyyi ijaarantu hinjirtu.

Bariisaa: Mariin ammaan tana sadarkaa Oromiyaatti gaggeeffamaa jiru gaaffilee Oromoo maal maal deebisa jettanii yaaddu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gaaffii guddaan dhimma Finfinneeti. Finfinneen magaalaa lafee ilmaan Oromoorratti kan hundooftedha. Qonnaan bulaa hedduun dhiibbaa sirnoonni cunqursaa irraan gahaa turaniin lafasaarraa ari'atameera. Qonnaan bulaan Finfinnee hedduu Finfinneerraa gara Arsiitti, Baaleefi magaalota birootti ari'atamee jiruufi jireenya gadadoof saaxilameera.

Dhimmi Finfinnee dhimma deebii waaraa barbaadudha, Oromoon qe'eef golasaarratti kabaja dhabee qubataan alaa dhufe abbaa itti ta'ee akka lammii lammaffaatti ilaalamaa tureera.

Bariisaa: Finfinnee keessatti akka lammii lammaffaatti Oromoon ilaalamuunsaa dhiibbaa akkamii irraan ga'eera jettu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Finfinnee keessatti Afaan Oromoo dubbachuun, maqaa Oromoo qabaachuunuu yakka ta'ee ilaalamaa ture. Kanarraa kan ka'e maatiin maqaasaa, kan ilmaansaa sadarkaa jijjiiruura gaheera.

Bariisaa: Finfinnee keessatti Oromoon maqaasaa ganamaa dhabeeera. Kan kutaa magaalaa fi kan magaalattiis dhabeeera. Kunis dhiibbaa sirnaatiin kan walqabatudha jechuu keessanii?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Eeyyee maqaa namaa qofa miti maqaan magaalaa, kutaalee magaalaa fi kan biroollee maqaa biraa itti moggaasuun magaalaa keenya, eenyummaa keenya nuwallaalchisaniiru. Mariin kun hudhaa kana nuu fura jennee abdanna. Seenaatu ragaa keenya, Finfinnee qonnaan bulaatu irraa buqqa'e malee lafti achuma jira.

Bariisaa: Gaaffiin abbaa biyyumma Finfinnee ka'aa jiru kanneen Oromoo kan fayyadu, saba biraammoo midhuudha kan jedhan jiruutii isin maal jettu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Nuti mirga keenya abbaa biyyummaa gaafanne malee kan



Akkuma qamaleen abbaa harbuu ari'atti jedhamuu san harkaafi qe'ee Oromoorratti guddatanii warreen deebi'anii diina itti ta'an tokko lama miti

namaatti hinbuune. Dachee Finfinneerraa gamoon dhaabatu kan warra nuweeraree ta'us buqqifadhaa keessaa nuu bahaa hinjennu. Ta'us ilaalchaafi gamoo jibbaa sammuusaanii keessatti Oromoof qaban haa diigan; nagaa buusnee waldandeenyee jiraanna yaada jedhuudha kan qabnu.

Bariisaa: Oromoon sabaafi sablammiiif kabaja akkamii qaba laata?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Oromoon ormayyuu hammatee harma hoosisuun, guddifachaan, moggaasaan guddisee lafa kennee akka dhalasaatti jiraachisaa tureera har'as sanuma. Dhala namaa miti uumama lafarraafuu kabajaafi ulfina qaba. Muka akka fedhe hinkutu, namas akka fedhe hinmiidhu, waaqaafi lafaaf jedhee hambifata.

Bariisaa: Har'a Oromoon gaaffii mirgaa yeroo gaafatu kan seenaan ragaa bahuuf maaliif ija hamaan ilaalama laata?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Akkuma qamaleen abbaa harbuu ari'atti jedhamuu san harkaafi qe'ee Oromoorratti guddatanii warreen deebi'anii diina itti ta'an tokko lama miti. Oromoon naamusa qaba. Uumaas uumamaafis kabaja qaba. Warra dhugaasaa dhoksuuf yaalan immoo mariifi ragaa seenaan ofirraa deebisa jedheen abdadh.

Bariisaa: Mariin biyyaalessaa kun gaggeeffamuunsaa boqonnaa jijjiiramaa fida jettanii yaadduuree?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Eeyyee. Sirnoota darban keessatti mariin biyyaalessaa akka kana gaggeeffamee hinbeeku. Kun ta'uu dhabuusaatiin saamamaa, mirgi keenyas

KEESSUMMAA BARIISAA

“Dhimmoonni Afaan Oromoo afaan federaalaa taasisuu, ...”

mulqamaa, qorqalbiinis akka miidhamnu ta'aa turre. Amma mootummaan jijjiiramaa dhufe karra marii saaquunsaa fala tokko. Gaaffiin sabaafi sablammiiilee jaarraa lakkoofsise xiyyeeffannoo akka argatu kan godhudha.

Bariisaa: Gaaffiin biraa Oromoon qabu maali jettu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gaaffiin biraa dhimma afaanin kan walqabatudha. Afaan ummata bal'aa biyya keessaafi alatti dubbatamu afaan hoji federaalaa taasisuu dhabuun isa biraati.

Kun amma akka nuu furamuudha gaaffiin keenya. Gaaffiin kun erga Doktor Abiyi gara aangooti dhufanii kan ka'e osoo hintaane gaaffii bara lakkoofsise waan ta'eef nuu deebi'uu qaba. Ummatni akka galaanaa bal'atu kun sadarkaa federaalaatti afaan ofiin tajaajiluu dhabuun salphina guddaadha. Ilmaan keenya hedduu gaaffii kana kaasuusaaniin cunqursaan gara jabummaa hedduu irra qaqqabaa tureera. Kun sirna jijjiiramaa kana keessa nuu deebi'uu qaban jedha.

Bariisaa: Afaan Oromoon afaan hojii federaalaa ta'uu dhabuunsaa miidhaa akkamii qaqqabsiise?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Ilmaan keenya barataniif lafa taa'aa jiru. Afaan keenyaan sadarkaa federaalaatti tajaajilamuun osoo eegalame achi keessatti mindeeffamanii hojjechuu danda'u. Kun ta'uu dhabuusaatiin dhiibbaan kana hinjedhamne dhaloota guddataa jirurratti fe'ameera.

Harqoonni cunqursaa jaarraa tokkoo oliif ummata keenya hiraarsaa ture nurraa cabuu qaba. Afaan keenyaan sadarkaa naannoorraa hanga federaalaatti tajaajila barbaanne argachuu feena.

Bariisaa: Finfinneefi Afaan Oromoo akkamiin ilaaltu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Afaan walwallaalaniiru yoon jedhe gaariidha. Finfinnee keessa yoo seente Afaan Oromoo dhagahuun ulfaataadha. Nama dubbatutu hinjiru jedheen kaasaa ture dur yeroon achi deemu. Kanarraa kan ka'e duulli Oromooratti jaarraa tokkoofi walakkaaf banamee ture afaansaas galaafachuuf kan kaayyeffattedha jedheen yaade. Kanarraa ka'e Finfinneefi Afaan Oromoo walwallaalaniiru kanan jedheef.

Bariisaa: Har'a mootummaan jijjiiramaa gara aangooti erga dhufee jijjiirama jiru akkamiin ibsitu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Dhugaadha jijjiiramoonni nama jabeessan jiru. Ta'us mariin biyyalessaa kun ifatti eegalamuusaa caalaa wanni nagammachiise hinjiru. Maaliif yoo jette komii, qeeqa, yaada akka Oromooti keessa keenya jiru gaaffii jaarraa lakkoofsise ifatti gadi baanee dubbachuun furmaataaf imala jalqabuun waan gaariidha.

Bariisaa: Mariin biyyalessaa sabaafi sablammiiilee hirmaachisuusaa kana akkamitti ilaaltan, maal is taajabdan?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Sabaafi sablammiiileen 76 Itoophiyaa keessa jiraachuusaayyuu kan dhagahaa dhufne boodana. Maarree sirnoonni darban eenyummaa, aadaa, duudhaafi amantii namootaallee sarbaa turan. Kanarraa kan ka'e sirnoonni darban marti farra sabaafi sablammiiileeti. Jibbi sirnoota kanarra jirus



hammaataadha.

Bariisaa: Gaaffiin Oromoo inni biraa daangaa bulchiinsaatiin walqabata jechaa turtan waltajjiiratti. Daangaan walqabatee hudhaan jiraa?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Daangaan Oromiyaa bakkawwan gara garaatti saamameera. Kan Finfinnee amma furamuu dhageenyerra. Kan naannolee biroon walqabatee daangaan saamamee jiru jira. Gama Affaar, Sumaalee, Amaaraatiin Shawaa keessatti daangaa babal'ifannaan hammaateera. Kunimoo waliti bu'iinsa hawaasa gidduutti uumaa jira.

Naannoon kamuu gaafa hundaa'u daangaa mataasaa seeraan lafa taa'eef qaba. Gaaffiin keenya daangaan seeraan lafa taa'e sun haa kabajamu kan jedhuudha. Kun ta'uu dhabuusaatiin walitti bu'iinsa yeroorraa yerootti mudatuun gaaga'amni lubbuu qabeenyaafi qorqalbiin ummataarra gahaa jiru hammaadha.

Bariisaa: Oggaa isin akkas dubbattan kanneen deeggaraa siyaasaati jedhan jiraachuu danda'u. Isin akkamin of ibsitu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Ani nama Gadaan bulu malee siyaasa kamuu deeggaru miti. Ta'us haqaafi dhugaaf nan dubbadha. Kunimoo siyaasa deeggaruufi deeggaruu dhiisuu miti.

Bariisaa: Nama Gadaan bulu jechuun maal jechuudha?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gadaan dimokraatawaadha, ilmi Oromoos waan Gadaan buluuf dimokraatawaadha. Safuu qaba, duudhaa eega, aadaa kabaja, uumaafi uumama safeeffata jechuudha.

Aangoon sirni marti seera Gadaan darba malee waraana nama hinkaassisu. Haqa dabe deebisuuf qawwee caalaa mariifi marabbaa filata. Duudhaa gadaatu kanneen hunda nubarsiise waan ta'eef siyaasa kamirraayyuu bilisa. Mirgaafi haqa ofiif dubbachuun ammoo Waaqaanis lafaanis waan jaalatu amantaan kamuu deeggaru waan ta'eef siyaasaan walhinqabatu.

Bariisaa: Oromon qabeenyaasaaf jibbama, dhiibama jechaa turtan. Kanaaf ka'umsi keessan maali?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Lafasaafi qabeenyaasaaf darbees galaana waan ta'eef jibbama. Jibbimmoo eessayyuu nama

hingeessisu. Inni guddaan Oromoon ummata akkamii akka ta'e osoo beekanii qe'eesaatti jibbuun sirrii miti.

Bariisaa: Ilaalcha Oromoon saboota kaaniif qabu akkamitti ibsitu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Waan Ministirri Muummee Itoophiyaa Oromoo ta'eef baalagizee nuun jedhu. Nuti garuu faayidaa saba biraarraa addatti nuu kenname hinqabnu. Kanuma keenyarra jirra. Mootummaan jijjiiramaa walqixxummaa sabaafi sablammiiileef nan hojjedha jedhee kaanaan kanumatu garaa isaan gubee akkuma dur baran saba biraa cunqursaa jiraachuun kan hindanda'amne waan ta'eef kanatu isaan aarsee Oromoo gadi qabuuf yaalii taasifamudha.

Bariisaa: Waan Ministirri Muummee Oromoo ta'eef Oromoon mirgasaa gaafachuu dhiisuu qabaa?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Kun walhinargu, mirga ofii gaafachuun seera, haqa namaa dabsuun seera miti. Ta'us waan mirga keenya gaafanneef baalagizee kan jedhamnu yoo ta'e kun dogoggora sirrachuu qabuudha.

Sirni biyya bulchaa jiru sabaafi sablammiiileen filatamee kan hogganu malee Oromoon qofa kan filatame miti. Kana beekuu dhabuudhaan Oromooti qaba qabuufi gadi cabsuuf yoo yaalan mul'atu. Ilaalchi akkasii ilaalcha farra walqixxummaa cabuu qabuudha.

Bariisaa: Inni biraan gaaffii abbaa biyyummaan kan walqabatu kaasaa turtan yaadichi maalinni?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gaaffiin Finfinneen kan eenyuuti jedhu irra deddeebbin ka'aa tureera ammas sanuma. Dhimma Finfinneen walqabatee heerriifi seenaan maal jedha isa jedhu ilaaluun gahaadha. Haqni abbaa haqaaf deebihu qaba yaada jedhun qaba. Gabaabaatti gaaffiin Oromoo gaaffii mirgaati, kunis marii kanaan nuu deebi'a jedheen abdadha.

Bariisaa: Oromoo gadi cabsuun faayidaa seeraan argachuu malu dabsuun ni danda'ama jettuu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gonkuma faayidaa Oromoon seeraafi seenaan argachuu qabu gufachiisuun hindanda'amu. Baalagizee jedhanii gadi cabsuuf yaalanis yeroon yeroo olaantummaan seeraa bu'uura heeraan itti mirkanaa'u waan ta'eef karaa walitti bu'iinsa hinuumneen mariifi marabbaa gaaffiin Oromoo nideebi'a abdi jedhun qaba.

Bariisaa: Rakkoo nageenyaas kaasaa turtan. Oromoo kan qoraa jiru rakkoo nageenyaati. Kun akka furamuuf kaasaa jirtu. Haala nageenya Oromiyaa akkamiin ibsitu mee?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Amma nageenyaan walqabatee akkasaa wallaalaa jirra. Kan keenyatu orma faana hiriiree nuwaraanaa jira, dargaggoo keenya dhaabatee of ilaaluu qaba. Garaagarummaa siyaasaa jiru furuufi mariin amma eegalame jajjabeessaadha. Bu'uuruma kanaan furamuu qaban jedha.

Yeroon kun Oromoof yeroo murteessaa waliin qabsoofnudha malee yeroo itti walitti qabsoofnu miti. Nuti walitti duuluurraa kan ka'e ormi nutti duulee nudhadhabsiisuuf yaalaa jira kanaaf ilmaan keenya dammaqaan jedha.

Ilmi abbaafi haadhasaa hindhageenye

amantaa kamiinuu abaaramaadha. Kanaaf dargaggoo keenya mariif balbala baname kanatti fayyadamuun qe'ee ofiitti deebi'uun gaaffii Oromoo mariin deebisuuf yaalii eegalame kanatti makamuun furmaataaf dhaabachuu qaban jedha.

Bariisaa: Oromoon walitti duuluun gatii nunkaffalchiisnee laata?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gatii qaalii nukaffalchiiseera. Qe'eefi qabeenya Oromoo barbadaa'eera, nageenya boora'ee ture. Osoo wali duuluu qabnuu walitti duuluu keenyaan hawaas dinagdeefi siyaasaan akka hintasgabboofne taane.

Bariisaa: Waamicha mariifi araaraa mootummaan taasisse hordofuun kan deebihan jiru, kan hafanif ergaa akkamii qabdu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Oromoon nagaan labsa, nagaaf wabii dhaabata. Gadaan keenyas sanuma. Bariisaa kanaaf waldhabdeen siyaasaa mariin haa furamu. Ilmaan haadha tokkoo taanee waljifachuun diina ofirratti goobsuu siyaasa Oromoo dadhabsiisuu waan ta'eef dammaqnee araaraaf, mariif dursa kennuu qaban.

Ilmaan keenya karaa nagaan qabsaa'uuf qawwee lafa kaa'anii dhufan anaa dhufu jenna; warra hafemmoo kootaa Oromiyaan isin waanti isin barbaaddi isin malee manni golli hinbareedu waldhabdee mariin fixu qawween walhinfixnun jedha.

Bariisaa: Marii kutaalee hawaasaa hirmaachise kana keessatti qabxiileen ka'an hedduudha, achi keessaa dhimmi ijoon hudhaa naannichaati jettan kami?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Dhimma mirga abbaa biyyummaa, dhimma Afaan Oromoo afaan federaalaa taasisuu, nageenya amansiisaa mirkaneessuufi kabajamuu daangaaf xiyyeeffannoon addaa kennamu qaban jedha.

Bariisaa: Mootummaarraa maal eegdu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gaaffiileen ka'an kunniin xiyyeeffannoo argatanii furmaanni waaraa kennamuufi qaba.

Bariisaa: Sabaafi sablammiiileerraa maaltu eegama?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Gaaffii qaban karaa dimokraatawaa dhiyeeffataniiru duubdeebii kennamuuf obsaan eeguudha.

Bariisaa: Ijaarama Itoophiyaa keessatti shoora Oromoon taphate akkamiin ilaaltu?

Abbaa Gadaa Aliyyii: Biyya itoophiyaa jedhamtu tana keessatti adda durummaan qabsaa'ee ijaaruu keessatti Oromoon isa duraati. Haata'u garuu kan itti of jaju, ana malee nidiigamti, natu ijaare ilaalchi jedhu ammallee dhimma marii kanaan furamu ta'uu qaba.

Ilmaan keenya hedduu itti wareegnee abbootiin keenya itti dhiigani biyya asiin gahanidha. Ta'us maqaa Itoophiyaa jedhamtu kanaan cunqursaan Oromoo dabalatee sabaafi sablammiiirra gahaa ture hammaataadha. Hara garuu ilaalchi sun cabee Itoophiyaa ijaaruu keessatti ashaaraan sabaafi sablammiiilee ifatti calaqqisuu qaba yaada jedhun qaba.

Bariisaa: Turtii nu waliin taasistaniif isin galateeffanna.

Abbaa Gadaa Aliyyii: Isinillee galatoomaa.

Ilaamee...

Walitti hidhamiinsa gabaa omishtootaafi shamattoota gidduu jiru cimsuun gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba

Natsaannat Taaddasaatiin

Komishiniin Hojii Gamtaa Magaalaa Finfinnee Komishinii Hojii Gamtaa Federaalaa waliin ta'uun waldaalee hojii gamtaa, yuniyenota, omishtoota industirii, dhiyeessitootaafi sektaroota daldalaa wajjin dhiheenya kana Magaalaa Adaamaatti mari'ateera.


Waltajjicharratti yuniyenonni omishaalee qonnaafi industirii yuniyenota shamattootaa Finfinneef dhiyeessuuf waliigaltee taasisuun omishaalee gahaa dhiyeessan gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaniif badhaasniifi beekamtiin kennameera. Godina Shawaa Kibba Lixaatti, kan argamu Yuniyeniin Hojii Gamtaa Qonnaan Bultootaa Liibaniifi Warshaan Daakuu Waangaarii Magaalaa Adaamaatti argamu kanneen badhaasa waancaafi beekamtii argatan keessatti argamu.

Godina Shawaa Kibba Lixaatti, kan argamu Yuniyeniin Hojii Gamtaa Qonnaan Bultootaa Liiban yuniyenota waltajjicharratti beekamtii argatan keessaa isa tokko. Walittiqabaa Boordii yuniyenichaa Obbo Alamu Rafeeraa akka jedhanitti, godinichi omisha qonnaatiin kan beekamu yoo ta'u, yuniyenichi aanaalee godinichaa afur keessatti hojjechaa jira.

Yuniyenichi aanaalee kunneen keessaa waldaalee hojii gamtaa bu'uuraa 120 qaba. Yuniyenichi yeroo ammaa guddina sadarkaa gaariirra jira. Pirojektotni hojjetaman baay'eenis barana hojjiitti galaniiru. Warshaan qindeessa nyaata beelladootaafi horsiisni loowwan aannanii pirojektota



Yuniyeniin Hojii Gamtaa Qonnaan Bultootaa Liiban wayita badhaafamutti



Obbo Alamu Rafeeraa

baranatti hojiitti galan keessaa akka fakkeenyaatti eeraniiru.

Yuniyenichi guddistuu callaafi sanyii



Obbo Gammachuu Guutaa

filatamaa yeroodhaan qonnaan bultootaaf dhiyeessaa jiraachuufi yeroo omishni gahu ammoo gatii madaalawaan irraa bituun

kuusaa jiraachuu himanii, fayyadamtootaaf keessumaa jiraattota Magaalaa Finfinneef dhiyeessaa jiraachuu himu.

Akka Obbo Alamuun jedhanitti, yuniyenichi bara 1998 miseensota 18fi kaappitaala kuma 180n kan hundaa'e yoo ta'u, yeroo ammaa miseensota 120fi kaappitaala qarshii miliyoona 60 horateera. Pirojektota gara garaas ijaarsisaa jira. Gamoon abbaa darbii ja'aa qarshii miliyoona 60n ijaaramaa jiru pirojektota kanneen keessaa tokko.

Yuuniyeenichi omishaalee qonnaa qonnaan bultootarraa bituun daldaloota seeraan alaatiin akka hinsaamamne taasisaa jira. Omishaalee qonnaan bultootarraa bitu ammoo yuniyenota hojii gamtaa bitattootaa Finfinneef dhiyeessaa jira. Yuniyeniin Hojii Gamtaa Qonnaan Bultootaa Liiban bara darbe yuuniyeenota hojii gamtaa shamattoota Finfinnee waliin waliigaltee taasisuun omishaalee gahaa dhiyeessuudhaan barana Komishinii Hojii Gamtaa Finfinneetiin badhaasa Waancaafi beekamtii argateera. Badhaasni kun yuniyenichi baranas hojii caalu akka hojjetuuf kan isa kakaasu ta'uu himaniiru.

Omishtoonniifi shamattoonni waliin hojjechuun gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba kan jedhan Obbo Alamuun, hariiroon qaamolee lameenii omishtoonni omishasaanii gatii gaariitti akka gurguratan, shamattoonnis omishaalee barbaadan gatii madaala'an akka bitatan taasisuun gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Gara fuula 13tti

Miidhaa dubartootarra ga'aa jiru ittisuuf qindoominni qaamolee hundaa barbaachisaadha

Gammachuu Kadiriin

Miidhaawwan dubartootaafi daa'immanirra ga'an keessaa muraasni aadaa, duudhaafi safuu hawaasaa waliin waan walqabatuuf yeroo ammaa salphaatti hir'isuun rakkisaa ta'aa jira. Miidhaawwan mul'atan yeroodhaa gara yerootti bifa jijjiirachuudhaan miidhaa xiinsammuufi sarbamu mirgoota dhala namaafis sababa ta'aa jiru.

Biiron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaas miidhaawwan kunneen ittisuufi haalota mijaa'oo jiraniifi dhimmoota hudhaa ta'an adda baasuun hawaasa rakkoo dubartootaafi daa'immanirra ga'u hinobsine uumuuf baatii darbe Magaalaa Adaamaatti qaamolee qooda fudhattoota waliin mariin paanaalii geggeeffameera.

Hoggantuu Ittaantuun biirichaa Aade Samiiraa Faariis paanaalicharratti ergaa dabarsaniin mootummaan imaammata, qajeelfamootaafi inisheetiiviwwan garagaraa bocuudhaan miidha dubartootaafi daa'immanirra ga'u hir'isuuf hojii bal'aa hojjechuun jijjiiramni hammi tokko mul'ateera. Ta'us rakkoon jiru amalaafi bifa jijjiirachuudhaan gaaga'amni dubartootaafi daa'immanirra ga'u yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira.

Kanaaf, qindoominni qaamolee qooda fudhattoota, abbootii Gadaa, haadhoolii



Aade Samiiraa Faariis

Siinqee, abbootii amantaafi hawaasaa barbaachisaa ta'uu yaadotni maricharratti dhiyaatan akeekaniiru. Bu'ura kana irraa ka'uudhaan Aade Samiiraan abbootiin Gadaa, amantaafi haadhoolii Siinqeen xiyyeeffannaa argatee hunduu bifa qindaa'een ga'eesaanii ba'uun qaama hawaasaa gaaga'amaa jiru akka oolchaniif waamicha dhiyeessaniiru.

Biirichatti Daarektarii Mirgaafi Nageenyaa Daa'immanii Aade Mariyaamaa Amaano miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jirurratti waraqaa qorannoo dhiyeessaniiru. Isaanis ajjeechaa, reebicha, miidhaa qaamaa, gudeeddii shamarraniifi dhiiraa, daddabarsa dubartootaafi daa'immanii, godaansa seeraan alaa, dahanii gatuu,

ittiinkadhachuu, daa'immaniifi haadhooliin daandiiirra ba'uun akaakuuwwan miidhaa bal'inaan naannichatti dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jiran ta'uu ibsaniiru.

Kanaafis, hordoffii raawwii miidhaa koorniyaa bara 2011 zeeroo ture bara 2012tti kuma sadiifi 158, 2013tti kuma 4fi 971, 2014tti kuma 3fi 649, 2015tti kuma lamaafi 691, 2016tti kuma sadiifi 252 irra ga'uu akka ragaatti dhiyeessaniiru.

Miidhaa qaamaa haaluma walfakkaatuun qaqqabe bara 2011tti zeeroorraa eegalee gara kuma 3fi 719 dabaluu ragaa qorannoo Biiroo Fayyaarraa biirichi argate ka'umsa mariif dhiyaate mul'iseera.

Bara 2017ttis gaaga'amni dubartootaafi daa'immanirra ga'u ittifuera. Akaakuu miidhaan koorniyaa bu'ura godhate bara 2017 akka mul'isutti miidhaa saalquunnamtii namoota 690, miidhaa xiinsammuun namoota 390, miidhaa qaamaan namoota 524, miidhaa qaamaafi saalquunnamtii walfaana raawwatame namoota 423 waliigala namoonni kummi 20fi 27 gaaga'amaniiru. Miidhaalee qaqqaban kunneen bifa dirqiin gudeeduu, butii, kittaannaa, umurii malee heerumsisuun kan qaqqaban ta'uu akka fakkeenyaatti dhiyaateera.

Ragaa Biiroo Abbaa Alangaa Oromiyaarraa bara 2016 sassaabame bu'ura godhachuun miidhaan qaqqabe waliigalaan yeroo

ilaalamu dirqiin gudeeduu 825, butii 31, umurii malee heerumsisuun 82, miidhaa qaamaa cimaa 164, ajjeechaa 122, fuudharatti fuudha geggeessuu 401 ta'uun ibsameera.

Miidhaawwan yakka ta'uun mana murtiitti dhiyaachuudhaan murtoo argatan keessaa mucaa ji'a lamaa abbaa isheetiin gudeedamtee lubbuun darbe, waldhabdee maatii gidduutti uumameen daa'ima waggaa afurii nama afur ta'anii haalbeen qaluun lubbuun darbeera.

Dabalataanis, waldhabdee abbaa warraafi haadha warraa gidduu tureen abbaan warraa asiidii fuula haadha warraasaatti naquun miidhaan qaamaa qaqqabus hanga ammaatti namichi yakka kana raawwate to'annoo seeraa jala hinoolle.

Haaluma walfakkaatuun waldhabdee maatii gidduutti uumameen haadhaafi daa'ima summii nyaachisuun lubbuunsanii darbe adeemsa seeraa jala jiraachuu ibsameera. Abbaan daa'immansaa waggaa 4, 6fi 7 irratti yaalii gudeeddii geggeesseefi haati buddeena daa'imman lama lagatti gatte to'annoo seeraa jala jiru.

Isinii barsiifna jechuudhaan maatiirraa fuudhanii daa'ima saamicha humnaarratti raawwatame, waraabessaan nyaachifaman akkasumas da'anii bakkeetti gatamuun

Gara fuula 13tti

Abbaa Sa'aa

Finfinneetti qophiin ayyaana Qilleefi kenniinsa eeyyama daldalaa maal fakkaata?

Waaqshuum Fiqaadutiin

Wayita kabajni ayyaanota garagaraa dhiyaatu waa'een gabaa ayyaanaa yaaddoo namoota hedduuti. Gabaa ayyaanaatiin walqabatee fedhiin jiru, dhiyeessiin omishaaleefi gatiin omishaalee walsimuu dhabuun rakkoo ta'uun bubbuleera.

Biiron Daldalaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee kabaja Ayyaana Qilleerratti hanqinni dhiyeessii akka hinmudatneef qophii barbaachisu taasisaa akka jiru tibbana ibseera.

Hogganaa Ittaanaan Biirichaa Obbo Fissaa Xibabuu akka jedhanitti, biirichi sirna gabaa tasgabbaa'aa hawaasa sadarkaa jireenyaa garaagaraarra jiran fayyadamoo taasisuufi haqaqabeessa dhugoomsuuf hojii bal'aa hojjetaa tureera, ammas hojjetaa jira. Kana dura omishaaleen akaakuuwwan garagaraa gara magaalattiitti hedduuminaan akka galaniifi qaala'iinsi gatii akka tasgabbaa'u taasiseera.

Ayyaana Qillee Hordoftoota amantaa Kiristaanaatiin kabajamu ilaalchisee wantoota kabaja ayyaanichaaf barbaachisan dabaluu qophiin eegalameera. Omishaalee ho'aa kanneen fayyaa hawaasaaf murteessoo ta'an gara magaalattiitti galchuu qofa osoo hintaane hawaasni sadarkaan jiru gatii madaalawaan akka fayyadamu gochuuf sochiin eegalameera.



Obbo Fissaa Xibabuu

Ummatni dhiyeessii barbaachisoo akka argatuuf gabaan akaakuuwwan garaagaraa afur bulchiinsa magaalattiitiin akka filannootti dhiyaachuu ibsanii; seensa magaalattiitti giddugalawwan gabaa Kolfee, Aqaqii, Lammii Kuraafi Laaftooti midhaan, kuduraafi muduraa bal'inaan kan dhiyaatan ta'u.

Giddugala gabaa Sanbataa 197 irrattis

omishalee barbaachisoon bal'inaan akka dhiyaatan ibsanii. Giddugalawwan gabaa 172 istaandardii barbaachisu guutan akka jiraniifi gabaa kunneen irratti omishaaleen qonnaafi industirii sadarkaasaanii ceggatan kan dhiyaatan ta'uus eeraniiru.

Kana malees, oggaa ayyaanicha kabajuuf guyyaan 10 hafutti baazaarii omishaaleen itti dhiyaatan bakkeewwan 14tti kutaalee magaalaa 11 filatamaniifi giddugalawwan gabaa sadiirratti kan adeemsifaman ta'a.

Baazaaricharratti industiriwwan guguddoon, qonnaan bulootaaifi shamattoonni kallattiin akka hirmaatan taasifama. Qonnaan bultoonni naannawa Finfinneefi naannolee garagaraa baazaaricharratti omishaaleesaanii dhiyeessuuf fedhii guddaa agarsiisaa jiru.

Beeyiladonna kabaja ayyaanichaatiif barbaachisan baay'inaan Finfinnee akka galaniif Waldaa Beeyiladoota Itoophiyaa, naannoleefi qaamolee dhimmi ilaallatu faana waliigalteen uumameera. Gatiifi fedhii jiru ilaaluun akka hanqinni hinmudatneef deeggarsa mootummaafi qaamoleen biroon hojii dabalataa hojjechuufis qophiin taasifameera.

Daldala magaalattii ammayyeesuufi si'ataa taasisuuf kenniinsi eeyyamaa giddugalaan karaa onlaayinii Biiron Daldalaa Magaalattiin erga kennamuu eegalee ji'oota

shan lakkoofsiseera.

Hoggantuun Biirichaa Aade Habibaa Sirraaj akka ibsanitti, tajaajilli eeyyama daldalaa erga Adoolessa 1 bara 2017 hojiirra oolee as daldaltoonni haaraan kuma 47 ol eeyyama daldalaa wayita fudhatan, daldaltoonni buleeyyii kuma 12 ol ammoo eeyyama daldalaasaanii haressaniiru. Daldaltoonni 15 ol ta'an ammoo sirna daldalaa keessa kara seeraqabeessa wayita ba'an kummi 184 ammoo kanneen hanga ammaatti eeyyama daldalaa hin haressinedha.

Biirichi daldaltoonni eeyyama hin haressine kunneen hanga Mudde 30tti akka haressaniif sa'atii hojii hanga halkan 1:00tti ol guddiseera. Dhaabbileen daldalaas sa'atii hojii ol guddisuun hanga sa'a 3:30tti akka daldalaniifi tajaajilli geejibaas hanga sa'atii 4:00 akka ol guddatu bulchiinsi magaalattiis murteesseera.

Daldaltoonnis adabbii jalaa ba'uuf yeroo jedhame kanatti dirqamasanaan ba'achuu qabu. Dhugumaanuu Finfinnee Misooma Kooriidariin faayamtee halkanshee guyyaa fakkaatutti hojii dhiisanii yeroo malee manatti deebi'uun saalfachiisaadha. Waliigalaan sirna daldalaa haqa qabeessaa hunduu irraa fayyadamuu danda'u diriirsuufi qaala'iinsa jireenyaa hunderraa maqsuuf biirichi sochiilee bal'aa taasisaa jira.

Wixinee labsii baankotni alaa gara Itoophiyaa akka dhufan affeeru

Waaqshuum Fiqaadutiin

Dhibee koronaa, rakkoo nageenyaafi hanqinni omishaa dinagdee addunyaa raafama guddaa keessa buusuu danda'aniiru. Gaaga'ama dinagdee dandamachuun gara guddina waaraatti ce'uuf biyyootni adda addaa haala qabatamaa biyyasaaniin tarkaanfiilee garagaraa fudhachuurratti argamu.

Riifoormiwwan kunneen keessa tokko qajeelfama baankii biyyaalessaatiin karaa heera biyyattii giddugaleeffateen baankotni biyya alaa biyya keessatti akka hojjetan taasisuudha.

Jijjiirama as mootummaan qaala'iinsa jireenya maqsuun guddina dinagdee saffisaa galmeessuuf kan isa dandeessisan riifoormiwwan dinagdee hedduu taasiseera. Fooyya'iinsi dinagdee gooroo fooyya'iinsa gatii sharafa alaa of keessatti hammatu erga taasifameen booda dhukkubbii mataa kan ture hanqinni sharafa alaa furmaata argachuu danda'eera. Gama tokkoon imaammataafi hojimaata dinagdee fooyyessaa gama biroon ammoo alergii guddisuuf hojii qonna utubuu taasifame yeroo gabaabaa keessatti bu'aalee abdachiisoo fiduu danda'eera.

Tibbana ammoo wixineen Labsii Baankii

Biyyaalessaa kan sirna faayinaansii biyyattii bu'uura jabaarra kaa'u, gabaa tasgabbeessuufi guddina saffisaa waareessuuf gargaaru Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataan ragga'eera.

Walittiqabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Faayinaansii, Bajataafi Karooraa Obbo Dassaalanyi Wadaajee Wixinee Labsii kana wayita Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf dhiyeessan akka jedhanitti, wixineen labsichaa baankichi gabaa tasgabbeessuu, sirna faayinaansii fayyaalessuufi guddina dinagdee saffisiisuun ergamasaa galmaan akka ga'u isa gargaara.

Baankiin biyyaalessaa mootummoota dhufaa darbaa haala ilaalcha siyaasaa hordofaniin tajaajilus guddina dinagdee biyyaa keessatti qooda bakka bu'iinsa hinqabne ba'achaa tureera. Haa ta'u malee labsii baankichi ittiin hogganamaa jiru qaawwa seeraafi bulchiinsaa hedduu qabaachuu qeeqa dhaabbata maallaqa addunyaafi qorannoo taasifamerra hubachuun danda'ameera.

Baankichi imaammata maallaqaan bu'aqabeessa ta'uu qofa osoo hintaane gama ulaagaa dhaabbata ofiin bulu, caasaan hoggansa olaanaafi maallaqaan of danda'utiin wayita ilaalamu qaawwaa bal'aa kan qabudha. Labsiin baankichaa



Obbo Maammoo Mihiratuu

tasgabbiin imaammata dinagdee gooroofi dhaabbilee maallaqaa rakkoo keessa galan haala itti furmaatni kennamu of keessatti kan hammate hin turre. Maamiltoota faayinaansii ilaalchisee golgi seeraa kennamuu qaburratti wanta ibsame hin qabu.

Haa ta'u malee, wixinee labsii amma ba'e kanaan qaawwaaheen hojimaataafi seeraa turan hunda duuchuun cinatti sadarkaa guddina dingadee Itoophiyaafi muuxannoo idil addunyaan ilaalcha keessa kan galche waan ta'eef, keessattuu milkaa'ina dinagdee

xabboo biyyattiif shoorrisaa olaanaadha.

Dinagdee biyyattii fooyyessuun omishtummaa dabaluu, qusannaafi investimantii gabbisuu akkasumas riifoormiwwan eegalaman galmaan ga'uu keessatti gaheen wixinee labsii kanaa olaanaa ta'uus ibsanii. Baankichi hojimaatasaa ammayyeessuufi dorgomaa ta'ee akka itti fufuufis wixineen labsichaa onnachiiftuu guddaadha.

Qaala'iinsa jireenyaa sababoota biyyaa keessaafi addunyaan walqabatee mul'atan tasgabbeessuufi guddina dingadee biyyattii barbaadameen saffisiisuu keessatti baankichi gaheesaa qixa barbaadamee akka taphatuus qoodni labsii kanaa olaanaa ta'uu kan ibsan ammoo Bulchaa Baankii Biyyaalessaa Obbo Maammoo Mihiratuuti. Wixineen labsichaa haalaafi muuxannoo idil addunyaan kan bu'uureffate yommuu ta'u dinagdee dorgomaafi jijjiirama hunda galeessa uumuuf shoora olaanaa kan qabu ta'uus ibsanii.

Walumaagalatti, wixineen labsii kun baankota biyya alaa muuxannoo olaanaa qaban waan affeeruuf baankicha dorgomaa taasisuu keessattis ta'e guddina dinagdee gooroo milkeessuuf gumaata guddaa qabaata.

AADAIFI AARTII



Hirmaattota sirnichaa keessaa

Sirna Buttaa Qaluu Gadaa Karrayyuu

Saamraawiit Girmaatiin

Oromoon aadaa qaba; sirnaan bulas. Sirna Oromoon barootaaf ittiin walbulchaa tureefi dimokraasii addunyaaf illee bu'uura kan ta'e Sirni Gadaa waggaa saddeet saddeetiin aangoo dabarsaa, marsaa shan naanna'aa dhufuun yoon ga'eera.

Sirnoonni darban haalota addaddaan ittiin bulmaata Oromoo kana laaffisanii balleessuuf tattaafataa turanis waan hundeen irra dhaabate cimaa ta'eef baduu hindandeenye. Haala kanaan dhiibbaawwan addaddaa dandamachuun umurii waggoota kuma sadii ta'u lakkoofsisuun har'allee aadaafi duudhaasaa eeggatee ittifufeera.

Bakkeewwan sirni Gadaa osoo addaan hincitiin hanga yoonaa ittiin bulaa jiran keessaa Karrayyuu tokko. Gadaan Karrayyuu wagga saddeet saddeetiin aangoo walii dabarsaa marsaa shan naanna'ee, amma yeroo 75ffaaf Gadaan Michillee aangoo of harkaa qaba.

Michilleen waggoota ja'a dura Gadaa Meelbaarraa baallii kan fudhate yoo ta'u, waggoota lamaan boodas Gadaa Halchiisaatiif aangoo karaa dimokraatawaan kan dabarsu ta'a. Gadaa Karrayyuu kana wanti adda taasisu tuutni amma Gadaa of harkaa qabu tuuta itaanu aangoo shaakalsiisuun kan eegalu waggaa lama wayita hafutti.

Akka ragaan Waajjira Kominikeeshinii Godina Shawaa Bahaa mul'isutti, Oromoon Karrayyuu gosoota guguddoo lama kan qabu yoo ta'u isaanis Dullachaafi Baasoo jedhamu. Dullachis hangafa yoo tahu, caasaalee Dayyuu, Tootayyaa, Abaadho, Booddafi Hawaasoo qabachuun 'Shanan Dayyuu' jedhamanii waamamu.

Mullataa, Gurrachoofi Galaan immoo "Booxaa Sadeen" jedhamanii waamamu. Kanaafuu haalli caaseffama Oromoo Karrayyuu Dullachaa Shanani Dayyuufi Booxas Sadeen jedhamanii bakkawwan lamatti hiraamuun beekamu.

Baasoo ammoo quxusuu yoo tahu, gosti Dhaasuu Sadiifi gosti Abrii afur walitti makamuudhaan "Torban Iluu" jedhamanii beekamu. Isaanis akka gosa tokkootti ilaalamu. Dooraniifi Kooyyee, Dullachaa keessaa Mullataa, akkasumas gosa Ituu (Harargee Lixaa) Algaa, Moomajjii Jiillee, Addaayyoofi Waayyee makatanii "Saddeetan Daadhii" jedhamanii waamamu. Kana malees Dagaafi Beerreen gosa Ituu keessaa Gaamoo, Baabboo, Baayee, Meettaa, Wacaalee, Elellaaniifi Liiban dabalachuun 'Saglan Galaan'

Gadaan Karrayyuu wagga saddeet saddeetiin aangoo walii dabarsaa marsaa shan naanna'ee, amma yeroo 75ffaaf Gadaan Michillee aangoo of harkaa qaba

jedhamanii waamamu.

Haala kanaan Roobii darbe Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Fantaalleetti Buttaa Qaluun, sirna ofkaltii (goobaa) kenneera. Dhimma kana ilaalchisuun Gaazexaa Bariisaaf yaadasaanii kan kennan miseensa tuuta abbootii Gadaa waggaa ja'a dura aangoo kennanii kan ta'an Abbaa Gadaa Meelbaa Hawaasa Roobaa akka jedhanitti, Gadaan Michillee waggaa ja'an dura tuutasaaniirraa aangoo kan fudhate yoo ta'u, wagga ja'an booda tarree naquu ykn buttaa qaluun waanuma aadaati.

"Gadaan seeraafi sirna qabdi, akkaataa itti dabartullee ni qabdi. Kanaaf waggaa ja'ffaarratti tarree naqanii buttaa qalu. Miseensonni Gadaa Karrayyuu shanan (Roobalee, Meelbaa, Michillee, Halchisaafi Birmajii) haala kanaan aangoo kennaafi shaakalaa marsaa 75 qaqqaban.

Yommuu buttaan qalamu kanas tuutawwan mara ardaa jilaatti godaansisuun achitti

dallaa ijaaree qubachiisa akkasumas, gumaatallee itti gumaacha. Sirna kanarratti namni miseensa tuutaa ta'e rakkoon mudatee waan ulfaataadhaan yoo keessaa hafe malee hafuun hindanda'amu. Kana malees ummanni naannawaafi kanneen kutaalee Oromiyaa biroorraa dhufan baay'inaan ni hirmaatui" jedhu.

Bakka sirnichi adeemsifamuttis abbaan warraa 37 kan qubate yoo ta'u, guyyaa buttaan qalamu kanas guyyaa lammaffoo (Kibxata) horiin tarree kan nam'an ta'uu himanii, gaafa Roobii ganamas abbootii warraa 37nu sangaa buttaa kan qalan ta'uu ibsu.

Horii qalames keessummoonni irratti hirmaatan hundi kan nyaatan yoo ta'u, abbaan galmaas namoota hunda uffisuun waaree booda sa'aatii 8:00tti Gadaa ittaanee aangoo fuudhuuf Irreessi Goobaa kan kennamu ta'uu ibsu. Goobaa jechuunis Gadaa xiqqoo kan ittiin aangoo shaakalan ta'uufi sirnichi Goobsuu akka jedhamu eeru.

Akka isaan jedhanitti Gadaan Halchisaa waggaa lama booda Gadaa fudhatu kun irreessa fudhates yeroo itti aangoo shaakalu ta'a. Kanaafis miseensonni walkakaasanii qophii taasisu. Warri akkanaa aangoo shaakale waggaa lama booda gaafa Gadaa fuudhu hinrakkatu jechuudha. Yeroo kanas jaarsoliiniifi Abbaa Bokkuu gidduu dhaabatanii eebbisanii, irreecha waljijjiirsisanii walitti isaan fidaniiru. Sirni kun waanuma aadaa Oromoo kaleessaa as dhufe waan ta'eef lola malee qabbanaan kan taasifamudha.

Akka Gadaa Karrayyutti tuutawwan shanan keessaa tokko yommuu aangoorra jiru warri hafan afranillee isuma jalatti akka bulan kan himan Abbaa Gadaa Hawaas, Gadaa keessatti dhibdeefi komiin akka hinuumamneef jaarsoliin Gadaa aangoo kennuufi fudhatu akkasumas kanneen hafan dabalatee gidduu dhaabate gama laman ilaaluun aangoon akka darbu kan taasisu ta'uu kaasu.

Warri amma Gadaa xiqqoo fuudhe aangoo muraasa shaakaluun qophaa'u, ni mariisuu; aangoo murteessuu kan hinqabne, malkaa bu'uufi tulluu ba'uullee kan hindandeenye ta'uu eeranii, sirna buttaa qaluu kanarratti tuutiifi ummanni hirmaate hunda Gadaa guddaarratti akka hirmaatuuf kakaasuun illee hojiisaanii ta'u dubbatu. Namni tuutarraa yoo hafe "warra tuutarraa hafe" jedhamuun waan maqaansaanii tuqamuuf tokkollee akka hinhafneef ammarraa kaasanii qophii akka taasisan eeru.

"Wagga lamaa boodas Gadaan Michillee

aangoo guddicha warra Halchiisaaf kan kennu yoo ta'u, warri Gadaa kennes erga Gadaa kennanii bariisaa dhaqna qabatu. Isaa booda hawaasaaf jecha biyya keessa godaana. Kanaafis warra godaanu hunda mariisaa kan turan ta'a. Erga haala kanaan qophaa'anii booda gaafa aangoo xumuran itti godaanu" jedhu.

Tuuta amma Gadaa of harkaa qabu, Michilleef Gorsaa kan ta'an Abbaa Gadaa Roobaa Boruu Roobaa gamasaaniin, sirni buttaa qaluu sirna ijoo gadaa keessatti taasifamu ta'uu himanii, kanaanis gadaa guutuu osoo hintaane Gadaa muraasni Gadaa ittaanuuf kan ce'u ta'uu ibsu. Sirni kunis sirni gadaa wagga 40tti naanna'ee akka isaan bira ga'u kan itti beekan ta'uus ni himu.

Tuuta Gadaa keessa miseensonni hedduu kan jiran ta'uu himanii, ardaa kan qubatu garuu hunda osoo hintaane miseensa naamusa, beekumsaafi dandheetii qabu ta'uu dubbatu. Kanaaf warra qubatu adda baasanii xiinxaluu, kansaa miseensonni hundi akka beeku, akka of beeksisuufi akka walbaru taasisuuf kan adeemsifamu ta'uu dubbatu.

Akka isaan jedhanitti ardaawwan jilaa gadaan Karrayyuu irra qubatu lama yoo ta'an, kunneenis Tarree Luugoofi Tarree Leedii jedhamu. Ardaawwan kanneenitti murtoowwan addaddaa ni kennamu, heeronni ni fooyya'u, haaraanis ni ba'a. Achitti ijaarsi Gabalaa (Galmaa) kan adeemsifamu yoo tahu ijaarsa kan eegalu Abbaa Bokkuuti.

Abbootiin Gadaa kaanis bu'uuruma sadarkaasaaniitiin tarreedhaan kan ijaaran ta'a. Haala kanaan Gabalaa ijaarame keessa Gadaan Michillee Baallii Gadaa waggaa ja'a dura Gadaa Meelbaarraa fudhate Buttaa Qalee Halchiisaaf irreessa kennee goobsuuf Roobii darbe Tarree Luugoo qubate jechuudha.

Gaafa sirni buttaa qaluu raawwatus taateewwan addaddaa kan taasifaman ta'uu kan himan Abbaa Gadaa Roobaan, kanneen keessaas, hulloqqoo, dhibaayyuu, eebba, ijaarsa gabalaa (galmaa)fi qubannaa, sirna foduu, sirna gumaataa, uwwisa wayyaa, Sangaa Buttaa qaluu (ofkaltii sirna baallii kennuu)fi Korma Gururaa qaluunfaa keessatti akka argaman kaasu.

Gadaan amma aangoo qabuufi waggaa lamaan booda baallii kennu kunis buttaa qaluun gaafa torbanitti galu godaane ardaa akka qubatu kaasanii, sirnoonni addaddaa halkaniifi guyyaa raawwatamaniitu haala miidhagaan buttaan qalamee sirnichi akka obba'u (ofkalu) dubbatu.

kennuunshees waan daran nama gammachiisu ta'uu eeraniiru.

Barbaachisummaan ulaa galaanaa Itoophiyaaf waan walnama gaafachiisuu miti jedhanii; mootummaan Itoophiyaa amma aangoorra jiru yoo milkeessuu dadhabeefi paartiinsaani biyya bulchuuf ummata filatamee yoo aango argate dhimmicha milkeessuuf kan hojjetu ta'uu ibsaniiru.

Waliigalteen Ankaaraa Itoophiyaafi...

Dura Taa'aan duraanii Paartii Kongirasii Tokkummaa Biyyaalessaa Obbo Garasuu Gasaa gamasaaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan Somaaleelaandii wajjin waliigaltee mallatteessuunhee Somaaliyaan akka mufatu taasisse ture. Kanarraa kan ka'e Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaa biyyashee gadhiisee akka ba'uuf yaaliiwwan tokko tokko taasifamaa turan.

Ta'us waliigalticha booda Somaaliyaan

dhimmicha irra deebiidhaan ilaaluuf murteessuu dandeesseerti. Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaa Somaaliyaatti shororkeessaa Alshabaab waraanuudhaan nageenya Somaaliyaas ta'e kan biyyoota Afrikaa Bahaa kaanii mirkaneessuu keessatti gahee leencaa taphachaa jira jedhanii, waliigaltichi hojii nageenyaa mirkaneessuu akka jajjabeessu ibsaniiru.

Dhimmi hariiroo walitti hidhamiinsa

dinagdees waliigalticha keessatti kan ibsame ta'uu yaadachiisani; biyyootni lamaan ummata aadaafi afaaniin walfakkaatan qaban waan ta'aniif karaa salphaadhaan daldala bu'aqabeessa adeemsisuu danda'u jedhaniiru.

Waliigalteen bu'aa damdaneessa fiduu danda'a jedhamee eegamu kun si'aayinaan hojiitti hiikamuu akka qabus Obbo Garasuun dhaamsasaanii dabarsaniiru.

Hojiin misooma...

xumuruun akka danda'amu muuxannoon kan irraa horatame ta'uus eeraniiru.

Milkaa'inni koriidarii Magaalaa Finfineetti eegale gara magaalota naannoleetti babal'achuun jijjiirama guddaa agarsiisaa jiraachuu himanii, kutannoo hoggansaafi ministira mummeetiin pirojektiin misooma koriidarii beekantii argachuun miira waldorgommii magaalota gidduutti uumuun milkaa'aa jiraachuus himaniiru.

Inisheetiivii Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiin dhiyeenya kana misoomni koriidarii baadiyyaas jalqabuu himanii, misoomni kun aanaalee naannichaafi magaalota waliin walitti hidhuuf hojjetamaa jira. Hojiin misooma koriidarii baadiyyaa kun aanaalee naannichaa hunda keessatti hojiirra oolaa jiraachuus eeraniiru

Mootummaan naannichaa qarshii miliyoona 70 gurgurtaa kitaaba Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad irraa argametti qarshii miliyoona 170 dabaluu Ikoopaarkiin agarsiisa waraabessaa ijaaruu Magaalaan Harar jireenyaafi hawwata turiizimiif daran akka mijattuufi filatantu taasisuu keessatti shoorra olaanaa taphateera jedhu.

misoomaa taasisuuf yeroo hunda waardiyyaa nageenyaa ta'uu qabna.

Bu'aan walitti bu'iinsarraa argamu waan hinjirreef humnoonni hidhannoon naannicha keessa socho'an gara waltajjii nageenyaatti akka dhufan waamichan taasisa" jedhan.

Sadarkaa Ministira Muummee Ittaanaatti Ittigaafatamaan Giddugala Qindeessa Ijaarsa Dimokraasii Obbo Adam Faaraahis, "Ummanni naannichaa dhaadannoowwan, 'Lammiilee nagaan ajjeesuun Amaaraa bilisoomsuun hinda'amu, nageenya naannoo keenyaaf waardiyyaa ta'uu qabna, waraanniif walittibu'iinsi' dhaabbachuu qaba' jedhu dhageessiseera.

Naannichatti nageenyi akka waara'u, olaantummaan seeraa akka kabajamu, finxaaleyyiin lammiilee nagaan ajjeesan seeratti akka dhiyaataniifi waamicha nageenyaa mootummaan irra deddeebiin taasisu fudhatama akka argatu ummanni gaafateera. Yeroo ittaanu naannoo Amaaraatti ummata hirmaachisuun nageenya

"Nageenyi hundaaf, hundi..."

waareessuuf tattaaffii cimaan ni taasiifama" jedhan.

Ummanni naannichaa ajjeechaan finxaaleyyiiwwan lammiilee nagaarratti raawwataa jiran akka dhaabatuufi mootummaan nageenya lammiilee tiksuu gaafateera. Hiriirichi fedhiin ummataafi mootummaan tokko ta'uu kan agarsiisudha kan jedhan ammoo Ministira Tajaajila Kominikeeshinii RFDI Doktor Laggasaa Tulluuti.

Nageenya waareessuu, qaamolee hidhannoon socho'aniif karra mootummaa mariif banaa taasisuu, misooma ittifufsiisuufi fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuun fedhii mootummaafi ummataati. Mootummaan hojii nageenya waareessuu, olaantummaa seeraa kabachiisuufi nageenya lammiilee tiksuu eegale cimsee ittifufa jedhan.

Pirezidaantiin Naannoo Amaaraa Obbo Araggaa Kabbadaas, naannicha bakkeewwan hundatti hiriirri deeggarsa nagaan gaggeeffamuu dubbatanii, hiriirichi walitti bu'iinsi nu gaha, kan nu

barbaachisu nageenya ergaa jedhu kan ofkeessaa qabu ta'uu ibsaniiru.

Hiriirri taasifame ummanni keenya nageenya akka barbaadu kan agarsiisudha jedhanii; akka hiriirichi hingageeffamneef doorsisniifi shororkaan taasifame fashalaa'uu himaniiru. Hiriirri kun humni gaaffii qaba jedhu hundi rakkoo mariin furuu akka qabuuf kan kakaasu ta'uus eeraniiru. "Ummanni gama keenya jira, mootummaa humnaan ni buqqisna" jechuun yaadaa kan turan kaayyoonsaanii fashalaa'uus kaasaniiru.

Hiriirri kun akka mootummaatti hiika addaa qaba kan jedhan pirezidaantichi, ummanni fuulduratti bahee deeggarsasaa agarsiisuun tattaaffii mootummaan nagaan buusuuf taasisaa jiru kan deeggaran ta'uu ibsaniiru. Ummanni mootummaa qofa osoo hintaane nagaan deeggareera jedhan.

"Ummata keenyaan baay'ee boonneerra, galata guddaa qabnaaf. Caasaalee nageenyaa ummanni nagaan bahee akka galuuf tumsanis nan galateeffadha" jedhan.

"Laga Gannaalee cinaa teenyee

kilomeetira jahaa ol iddoo buufata ibsaa kanarraa fageessuun akka barbaachisu qorannoodhaan adda baafamuu eeranii, kana gochuufis maallaqa qarshii miliyoona 400 akka barbaachisu himu. Qorannoo

taasifamerratti hundaa'uun rakkoo kana furuuf qooda fudhattoota garaagaraa waliin ta'uun tajaajilichi hojjechaa kan jiru ta'uus dubbataniiru.

Akka furmaata yerootti maddoota bishaanii haroofti boolla fayyadamuunis hanga humni tajaajilichaa eeyyame bishaan dhiyeessuufis hojjetamaa jiraachuu himu.

Ilaamee...

Walitti hidhamsiinsa gabaa omishtootaafi shamattoota...

Yuniyenichi bara darbe omishaalee kuntaala kuma sagal yuniyenii shamattoota Finfinneef dhiyeessuu himanii, barana ammoo omisha kan bara darbee daran caalu dhiyeessuuf hojjechaa jira. Godinichis omisha boqqolloo, xaafii, qamadii, baaqelaatiin daran beekama. Haalli omisha qonnaa baranaas gaarii ta'uufi omisha walittiqabamaa jirurraas callaa guddaan kan eegamu ta'uu ibsu.

Magaalaa Adaamaatti Abbaan Warshaa Daakuu Waangaarii Obbo Gammachuu Guutaa akka jedhanitti, warshichi daakuu qamadiifi boqqolloo omisha. Warshaan kaappitaala qarshii miiliyoona 30n bara 2009 hojii jalqabe kun yeroo ammaa kaappitaala qarshii miiliyoona 200 horatee hojjechaa jira. Omisha daakuu kanas yuniyenota hojii gamtaa shamattoota Finfinneef dhiyeessaa jira. Yuniyenonni ammoo waldaalee hojii gamtaa isaan jala jiraniif dhiyeessuun gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha jiru. Yoo gatiin gabaa tasgabbaa'e malee guddinni akka hinjirres eeraniiru.

Yuniyenonni magaalaa Finfinnee omishaalee qonnaafi warshaalee gara garaa bitanii gatii madaala'aa jiraattotaaf dhiyeessuun gatii gabaa tasgabbeessaa jiraachuu himanii, omishtoonniif shamattoonni hariiroo cimaa uumanii waliin hojjechuun fayyadamummaa qaama sadaffaa mirkaneessuufi gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti gahee olaanaa qaba jedhu. Warshichi daakuu qulqullina qabu dhiyeessuun gabaarrattis dorgomaa cimaa ta'aa jiraachuu dubbatu.

Warshichi guyyaatti daakuu boqqolloo toonii 50fi daakuu qamadii toonii 50 waliigalatti daakuu toonii 100 qulqullina sadarkaasaa eegeen omishaa jiraachuu himanii, omisha dhiyeessu kanaafis walitti hidhamsiinsa gaarii qaba. Warshichi gara fuulduraatti omishasaa gara biyya alaatti



Warshaan Daakuu Waangaarii wayita badhaafamutti

erguuf karoofatee hojjechaa jiraachuufi yeroo ammaa namoota 100 oliif carraa hojii uumuu eeraniiru.

Warshaan Daakuu Waangaarii bara darbe yuniyenota shamattoota Finfinneef daakuu gahaa dhiyeessuun barana Komishinii Hojii Gamtaa Finfinneetiin badhaasa waancaafi beekamtii argachuu yaadachiisani, badhaasniifi beekamtiin kun gara fuulduraatti hojii caalu akka hojjetaniif kan isaan kakaasu ta'uu himaniiru.

Komishinari Komishinii Hojii Gamtaa Finfinnee Aadde Li'iilti Gidey akka jedhanitti, komishinichi yuniyenotaafi omishtoota industirii naannolee waliin walitti hidhamsiinsa gabaa uumuun omishaalee qonnaafi industirii gatii madaalawaan jiraattota Finfinneef dhiyeessuudhaan gatii gabaa tasgabbeessuufi qaala'ina jireenyaa hir'isuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jira.

Walitti hidhamsiinsa gabaa bara darbe yuniyenotaafi omishtoota industirii naannolee waliin taasifameen jiraattota magaalattiif omishaalee qonnaafi industirii gahaa dhiyeessuudhaan sirni gabaa tasgabbaa'aa akka jiraatu taasifameera. Hojiiin kun baranas yuuniyenotaafi omishtoota industirii naannolee waliin sanada waliigaltee walitti hidhamsiinsa gabaa mallatteessuudhaan kan ittifufu ta'uu himaniiru.

Waldaaleen hojii gamtaa sochii daldaltoonni seeraan alaa omishaalee dhoksuudhaan gatiin gabaa akka qaala'u taasisan ittisu keessattis gumaacha olaanaa taasisaa jiraachuu dubbatanii, fooyyessi dinagdee maaykiroo mootummaan taasises sirni gabaa tasgabbaa'aa akka jiraatu taasiseera; daldaloota seeraan alaa omishaalee dhoksuun gatiin gabaa akka qaala'u taasisanirratti tarkaanfiin fudhatamuu

ceraniiru.

Komishinichi gahee waldaaleen hojii gamtaa gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti qaban daran cimsuuf rakkoolee isaan mudatan furuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himanii, bulchiinsi Finfinnees hanqina maallaqaa waldaalee hojii gamtaa mudatan furuuf fandii marmaartuu qarshii biliyoona tokkoo mijeessuudhaan waggoota afran darban utuu walirraa hinkutin deeggaraa jiraachuu ibsaniiru.

Komishinari Ittaanaan Komishinii Waldaa Hojii Gamtaa Federaalaa Obbo Abdii Umad akka jedhanitti, waldaaleen hojii gamtaa biyyattii omishaalee qonnaafi industirii gahaa dhiyeessuudhaan qaala'insa gatii hanqina omishaalee hordofuun qaqqabu ittisuufi deeggarsa namoomaa taasisuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jiru. Waldaaleen hojii gamtaa omishtoota qonnaafi industirii waliin walitti hidhamsiinsa gabaa uumuudhaan omishaaleen kallattiidhaan omishtootarraa fayyadamtoota bira akka ga'an taasisuudhaan sirni gabaa seera qabeessi akka jiraatu gochaa jiru.

Hojii waldaaleen hojii gamtaa gatii gabaa tasgabbeessuuf raawwataa jiran jajjabeessaa ta'us gahaa akka hintaane himanii, kanaafuu humnasaanii caalaatti cimsachuun dorgomaa cimaa ta'uuf tattaafii cimaa taasisuu akka qaban hubachiisaniiru.

Qaala'iinsa jireenyaa karaa waraa ta'een furuuf walitti hidhamsiinsa gabaa waldaaleen hojii gamtaa omishtoota, yuniyenotaafi dhiyeessitoota waliin taasisan cimaa ittifufuu qaba kan jedhan Obbo Abdii, hoggantoonni naannolee hojii kana milkeessuu keessatti gaheesani akka bahataniif gaafataniiru. Komishinichis deeggarsa waldaalee hojii gamtaaf taasisu cimsee kan ittifufu ta'uu eeraniiru.

Miidhaa dubartootarra ga'aa jiru ittisuuf qindoominni...

gaaga'ama daa'immanirra ga'aa jiran keessaa akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Haaluma kanaan bara (2015-2016) baay'inni lakkoofsa daa'imman gatamanii waliigalaan dhiira 662, dubara 521 waliigalaan daa'imman kuma 1fi 183 bakkeetti gatamanii argamaniiru. Gaaga'amni dubartootaafi daa'immanirra ga'u daa'imman akka daandirra ba'an taasisaa jira.

Akka ragaaleen ibsanitti baay'inni daa'imman daandirra ba'anii yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Kanaafis, bara 2012 daa'imman kuma 12fi 041, 2013 kuma 16fi 782, 2014 kuma 17fi 421, 2015 kuma 19fi 823, 2016 kuma 21fi 423 daandirra ba'aniiru.

Murtoon yakkicha waliin walmadaalu kennuu dhabuun gaaga'ama daa'immaniifi dubartootarra ga'u babal'isaa akka jiru waraqa qorannoo qofa osoo hintaane hirmaattotni paanaalichaa yaada bal'aa kaasaniiru. Daa'ima obboleessa abbaasaatiin ugguramee qarshiin gaafatamee ukkaanfamee du'e murtoon waggaa 25 itti kenname oliyyannoon ittigaafatamuun yakki raawwatameef murtoon kennamu walmadaalu dhabuu akka ragaatti dhiyaateera.

Haati daa'ima sababa abbaa warraa

isheen walitti buuteef jecha daa'imman ishee lamaan ajjeeftee gubuun akka ragaa dabalataatti dhiyaateera. Fincaan halkan sireerratti fincoofte jechuudhaan qaama daa'imasaarratti laastikii gubee cobsuudhaan miidhaan qaqqabeera.

Bakkeewwan muraasatti murteen haqaafi barsiisaa hintaane kennamuu, shakkamaan wabiidhaan gadhiifamuu, aantummaa dhabuu qaamoleen seeraa tokko tokko, qindoominni qaamolee dhimmichi laafaa ta'uu hudhaalee gaaga'ama dubartootaafi daa'immanirratti qaqqabsiisan muraasa akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Waldhabdee qabeenyarratti uumamu, walitti bu'iinsa maatii daa'immanii gidduutti qaqqabu, diigaa gaa'ila, ajaja maatii didde jechuun tarkaanfii miira ofii utuu hinto'atiin fudhatamu, naannichatti sababoota miidhaalee dubartootaafi daa'immanii babal'isan keessaa akka fakkeenyaatti dhiyaataniiru.

Madda rakkoofi haala mijataa jiru adda baasuufi kallattii fooyya'iinsi ittiidhufurratti waliigaltee uumuun barbaachisaa ta'uu Aadde Maariyaamaan ibsasaanii keessatti kaasaniiru. Keessumaa heera federaalawaa Itoophiyaa Keewwata 35, 36 (1) (a), paakeejii misooma dubartootaa Karoora Manii Misooma Waraa, Chaartarii

Mirgoota Daa'imman Afrikaa keewwata 5(1)fi Imaammata Daa'immanii keewwata 6(1), Manneen murtii aadaa hundaa'ee tajaajila kenna jirufi Korea Fooyya'iinsa sirna haqaa yakka dubartootaafi daa'immanii ajandaa gochuu haala mijaawaa gara furmaataatti geessaniidha.

Godina Shawaa Bahaatti Walittiqabaan Gumii Abbootii Gadaa Abbaa Gadaa Rattaa Eboruu duudhaan sirna Gadaa daa'imaaf xiyyeeffannaa kan kennu ta'us yeroo ammaa kana bifa duudhaa sina Gadaa cabseen midhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jira.

Gaaga'ama kana hir'isuuf abbootiin Gadaa, haadholii Siinqeeffii abbootiin amantaa bakka namootni walittiqabaman hundatti lallabuudhaan gahee isaanii ba'uu akka qaban kan agarsiisuudha. Isaanis akka abbaa Gadaa tokkooti dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennudhaan bakka hawaasni walitti qabametti akka lallaban ibsaniiru.

Haadha Siinqee Godina Buunoo Baddallee Tigisti Dibaabaa gaaga'amni dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jiru duudhaa sirna Gadaa waan cabseef balaaleffatamuu qaba. Yeroo ammaa kana duudhaan Oromoo gamtokkoon bakkatti deebi'aa jira gamtokkoon ammoo mucucaachaa jira.

Gaaga'ama qaqqabaa jiru hir'isuuf abbootiifi

harmootii daa'immanii mar'achiisuun hubannoo bal'aa uumuun barbaachisaadha. Isaanis akka haadha siinqee tokkotti gadbu'anii akka mar'achiisan akkasumas daa'imman yoo miidhaan irra ga'e ollaasaaniitti himatanii gaaga'ama kanarraa akka oolaniif carraaqqii isaanirraa eegamu ba'uuf qophiidha. Hundumtuu manasaarraa ka'uun duudhaa sirna Gadaa keessatti daa'imman kabaja akkamii maatiif akka qaban maatiin daa'immaniif kabaja akkamii akka kennuu qaburratti hubannoon uumamuu akka qaban dhaamaniiru.

Gumii Dhaabbilee Amantaa Oromiyarraa Ustaaz Jamaal Ahmad Oromiyaatti miidhaan daa'immaniifi dubartootarra ga'aa jiru duudhaalee amantaan kan hindeeggaramneedha. Kanaaf, yeroon kennamuufi hinqabu.

Dhimma kanatti furmaata barbaaduuf yeroo keenya qorannooti balleessuu hinqabnu. Har'uma murtoo dabarsinee ba'uu qabna jechuun dhimmichaaf xiyyeeffannoo kennamuu akka dubbataniiru.

Qindoominni qaamoleen, haqaa, arjoomtotaa, deeggartootaa, mootummaafi hawaasaa, abbootii Gadaa, haadholii Siinqeeffii abbootii amantaa akkasumas kan maatii daran murteessaa ta'uus hubachiisaniiru.

“Ilmaan haadha takkaa walajjeessanii..

adeemsifamaa tureera. Waliigaltee tibba darbe mootummaafi qondaalota olaanaa WBO waliin taasifames taatee halkan tokkoo yookiin baatii muraasaa osoo hintaane firii dhamaatii yeroo dheeraati. Kun ammoo dachee Oromiyaa nagaan dheebotteefi ummata Oromoo qe'eesaarratti goolameef misiraachoo guddaa ta'uu hubachiisaniiru.

Waliigaltee kana maaltu adda taasisa?

Wanti waliigaltee kana adda taasisu faddaaltotni siyaasaa maqaa nagaan buusuutiin asii achi fakkaachuun summii diinummaa facaasan keessa hinturree jedhanii; qaamota murteessoo lameen fuulaa fuulatti biyya abbaasaaniitti dachee gaaddisaafi gaarren Oromiyaa jalatti waliin mari'atan. Araarsitootni ammoo osoo alagaa hintaane abbootii Gadaa, haadhoolii Siinqeefi maanguddoota Oromooti.

Hundaa ol, ummatni Oromoo darara hamaa keessummeessaa jiru imimmaan buusaa araarsituu ta'ee dhiyaateera.

Kana malees, waliigalteen kun cimina waliigalteewwan kanaan dura turanii fudhachuun qaawwawwan turan ammoo duuchuuratti kan xiyyeeffate ta'uu eeranii; karaa miirarraa bilisa ta'ee bilchina qabuun sanadaan deggaramee kan taasifameefi qajeeltoo nageenya waareessurratti kan bu'ureeffame ta'uu hubachiisaniiru. Waliigalatti, nageenya ofii waloon tikfachuuf dirqama ba'achuurras kan hafe waliigaltee kana ilaalchisee akka kana duraa qaawwi ibsamu akka hinjirres dubbataniiru.

Bu'aa ce'iin gara araaraatti dhufuu keessa ture akkamiin ibsama?

Ummatni Oromoo qe'eesaa goolame

tasgabbeessuuf ifaaja nagaan buusuurras daqiiqaa tokkoofuu boodatti jedhee hinbeeku jedhanii; haala qabatamaa amma jiruun waliin mariirra kan darbe ilmaan haadha takkaa jidduutti wanti diinummaatti geessuufi qawwee nama kaasuu akka hinjirre ibsaniiru. Ta'us nageenya buusuun gootummaan adda waraanaatti rasaasa tokkoon wareegamuu caalaa ulfaataa ta'uu imala araara buusuu kana keessatti hubachuusaanii eeraniiru.

Yoo faddaaltotasiyaasaa ta'emalee Oromoon bosona jiru Oromoo mootummaa keessa jiru akkasumas Oromoon mootummaa keessa jiru isa bosona jiru ajjeesee geeraruutti ummatni Oromoo gammadu hinjiru jedhanii; kanaaf mootummaan akkuma nageenya buusuuf daandii dheeraa imale ijoolleen bosona jiranis waamicha mootummaafi ummataa fudhatanii gara

nagaatti dhufuun gammachuu guddaafi wal dhageetti Oromoo kan calaqqisiise ta'uu yaadachiisaniiru.

Gartokkoon galee gartokkoon hafee nageenya waara'uu danda'aa?

Akka isaan jedhanitti, waliigalteen nageenyaa amma taasifame kun waan kaleessaa, har'aafi waan dhaloota boriiti. Ummatni Oromoo ilmaansaa bosona jiraniif irra deddeebiin waamicha taasiseera. Karri nageenyaaf banaa waan ta'eef kana booda waamichi addatti taasifamu hinjiru. Dafanii deebii kennuufi kennuun dhawaataan deebii kan argatu ta'a.

Ijoolleen bosonaa deebi'an kunneen akka Oromoo tokkootti qe'eesaaniirratti waan fedhan dalaganii akka jiraataniif haalli fedhiisaaniirratti hundaa'e ni mijataafis jedhaniiru.

Waliigalteen Ankaaraa gaaffii..

hawaasummaa qaamolee lamaanii kan cimsuudha.

Waliigaltichaan boodas Ministirri Muumme Itoophiyaa Abiyi Ahmad (PhD) akka jedhanitti, ummanni Itoophiyaafi Somaaliyaa afaan, aadaafi dhiigaan kan walitti hidhaman ta'uusaaniitiin Itoophiyaan nagaafi misooma waloorratti Somaaliyaa waliin hojjechuuf kutannoo qabdi. Tattaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa karaa nagaatiin argachuuf taasiftus ida'amu hawaas- dinagdee naannawichaaf gahee olaanaa qaba; fayyadamummaa waloos akka mirkaneessu eeran.

Bu'uuruma kanaan Itoophiyaan ulaa galaanaa yoo argatte faayidaan gama dinagdeetiin qabu olaanaa ta'uu Gaaxexaa Bariisaaf kan ibsan ammoo Inistitiyuutii Qorannoo Imaammataatti Qorataa Dinagdee Doktor Biraanuu Alamuuti. Itoophiyaan osoo lakkoofsa ummataa olaanaafi lafa bal'aa qabduu biyyoota Afrikaa ulaa galaanaa hinqabne muraasa keessaa ishee tokko ta'uus himu.

Ulaan galaanaa karra omisha alaa itti galchaniifi alatti baasaniin waan ta'eef ulaa galaanaa dhabuun dinagdee biyya tokkoorratti dhiibbaa olaanaa akka uumu himanii, kunis sharaa alaa olaanaadhaan akka kireeffatuuf waan dirqamsiisuuf biyya baasii olaanaaf akka saaxilu ibsu. Baasii olaanaa Itoophiyaan baastu keessaa kan ulaa galaanaaf kanfalamu guddaa ta'uufi kunis dinagdee biyyattii daran miidhaa jiraachuu eeru.

Mootummaanis kana hubachuun ejjennoo, biyyi ummata bal'aa qabdu tun ulaa galaanaa qabaachuu qabdi jedhuun carraaqqiiwwan addaddaa karaa nagaqabeessaan biyyoota ollaa wajjin taasisaa turuu yaadachiisani, waliigalteen Ankaaraas bu'aadhuma kanaa ta'uufi, ulaan galaanaa karaa nagaatiin akka argamuuf kan taasisu waan ta'eef faayidaan gama dinagdeetiin qabu olaanaa ta'uu himu.

Akka ibsa qoratchaatti waliigalteen ulaa galaanaa fayyadamuuf dandeessisu mallattaa'uun baasii kiraa olaanaa biyyattiin baastu ni hambisa. Omishawwan addaddaa gara biyyaatti galchuuf sharafni biyyoota birooof kanfaltu deebi'ee misooma qonnaa, indastirii, maanufaakchariingiifi bu'uraalee misoomaa biyyaaf ooluu danda'a. Kana malees alergii biyyaatiif haala mijataa uumuun Itoophiyaan galii dabalataa akka argatu taasisa.

“Akkasumas, omishaaleen kana dura yommuu gabaaf dhihaatan gatiin omishaa, fe'umsaa, geejjiba, ulaa galaanaafi baasiwwan addaddaa dabalatee waan dhufuuf gatiin qaala'ee, nama dhuunfaa bira gaafa ga'u gatiin dabalamee gurgurama. Kana jechuun baasii meeshaalee alaa galan daran guddisa. Dhiibbaansaas dinagdee biyyattiifi ummatarratti fe'ama jechuudha” jedhu.

Gaafa ulaan galaanaa argame gaaffiileen kanneen hundi akka xiqqaatan eeranii, hawaansis omishaalee gatii madaalawaan akka argatuufi qaala'iinsa gatiif ('inflation') akka hinsaaxilamne akka isaan taasisu himu. Dabalataanis biyyattiin daldala addunyaa keessatti si'oominaan hirmaachuun dinagdeeshee akka guddifatuuf kan fayyadu ta'uullee ni himu.

Dabalataanis daldalli si'aawaan jiraachuun biyyattiin omishawwanshee haala qulqullinnisaanii eeggameen biyyoota addunyaaf akka dhiheessituuf carraa waan banuufiif carraa investimantii bal'aallee akka uumu ibsu.

Biyyoonni yommuu gara biyya tokkoo dhufanii invasti godhan omishasaanii gabaa addunyaaf dhiheessuu akka danda'aniif haalonni mijatoon jiraachuu kan ilaalan yoo ta'u, kana jechuun waan ulaa galaanaa wajjin walqabatuuf faayidaansaa damdaneessa ta'uu addeessu.

“Gaaffiin keenya jaarraa tokkoofi..

Sirnoonni darban Oromoo qe'eesaa ganamaa Finfinneerraa dhiibani biyya abbaasaa orammoo qe'eesaa dhaalchisaa turan jedhanii; warreen qe'ee keenya hingadhiisnu jedhanii kaleessa wareegama qaalii kaffalanis dhalootni har'aa ammoo marii kanaan qabsicha milkeessuu akka qabu himaniiru.

Afaan ummata bal'aa sadarkaa Afrikaatti dubbatamu hacuucamee afaan hojii federaalaa akka hintaane taasifamuu qeeqanii; rakkoon kun marii kanaan furmaata akka argatus abdi qaban ibsaniiru.

Oromoon Sabootaafi Sablammoota biroo dhiibuufis ta'e cunqursuuf karoora hinqabu. Qabsoonsaa inni guddaan walqixxummaan akka mirkanaa'u olaantummaan seeraa akka kabajamu ta'uus hubachiisaniiru.

Yeroo Oromoon mirgasaa kabachiifachuuf warraaqsa marii taasisaa jirutti warreen nukeessaa dhalattanii meeshaa waraanaa nutti kaastanis diinaaf humna ta'uurra araaraan deebi'uu akka qabanis dhaamaniiru.

Jaalatamus jibbamus sirna kana adda durummaan Oromootu ijaarrate waan ta'eef kunuunsaa bakka dabetti gorsaa obsaan sirreeffachuun dirqama hundaati. Osoo aadaan marii gabbataan jiru dargaggoonni gola haadha isaan deesseetti waraana banan deebi'uu akka qaban gaafataniiru.

Abbaafi haati abaanii qaqqabsiifatu, Oromoon ilma abaarsaa hinqabu waan ta'eef warri waraana bantani gola Oromoo golgolessaa diinaaf humna taatan, qalbi diddiirradhaa ergaa jedhu, dabarsaniiru.

Akka amantiittis yoo ta'e. ilmi gorsa abbaafi haadhaa hindhageenya ilmaan abaarsaati jedhama. Kanaaf warri bosona seentanis kootaa mariin rakkoo keessan furadhaa, lammii keessaniif dhaabadhaa jedhu Abbaa Gadaan Siikkoo Mandoo.

Doktar Alamtsahaay Tasfaa magaalaa Naqamteerraa marii biyyaalessaarratti hirmaachuuf kan dhufan yoo ta'u, marichi qabsoo Oromoo bara lakkoofsiseef injifannoo fidee dhufa abdi jedhu qabaachuu ibsani; Oromoon eenyummaa, aadaa, duudhaafi afaansaa qe'eesaarratti dhabe marii kanaan gonfachu qabas jedhaniiru.

Gaaffiin abbaa biyyummaa, Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa ta'uu Finfinneen magaalaa guddoo Oromiyaa ta'uu ragga'ee hojiirra ooluu qaba irra dibaa hinfeenu seerri kabajamuu qaba jedhaniiru.

Biyya heerri jiru keessatti mirga ofiif tola ooltummaa namoota biraa gaafachuun hinbarbaachisu yoo jedhan gaaffiin kun marii gaggeeffamu kanaan deebii argata abdi jedhu qabu.

Mariin kun qophaa'uun Oromoof qofa miti sabaaf sablammii dagatamaniifi mirgisaanii sarbame akka furuuf haala mijeessa.

Nus akka Oromooti daangaan keenya akka kabajamu nageenya akka mirkanaa'u, Itoophiyaa tokkoof haadha taatee boonsitu saba biraattimmoo haadha biddeena taatee boossistu arguu hinfeenu jedhu Doktor Alamtsahaay.

Mariin biyyaalessaa kun seenaa Itoophiyaa keessatti isa jalqabaa ta'uus kaasanii gaaffiin mirgaa seeraan dhiyaate seeraan deebii akka argatuuf hawwii qaban ibsani warri maqaa Oromoon bosona jiranis waraana dhiisanii ilaaf ilaameen nagaan buusuuf tumsuu akka qaban Doktor Tsahaay dhaamaniiru.

Mariin biyyaalessaa sadarkaa naannoo Oromiyaatti gaggeeffamaa jiru hanga Mudde 15tti kan itti fufu yoo ta'u, komiin akka naannootti jiruufi furamuu qabu. Kutaalee hawaasaa garagaraan dhiyaachaa furmaanni waaraas irraa eegamaa jira.

Itoophiyaan Yaa'ii Gamtaa Afrikaa...

“Maatiwwaniifi lammiileen Afrikaa miidhaman murtii haqaa argachuu qabu” jedhuun kan gaggeeffamu ta'uu himanii, ajandaan marichaas tokkummaa, nageenya, tasgabbiifi guddina dinagdee Afrikaarratti xiyyeeffachuun marii bal'aan kan adeemsifamu ta'uus eeraniiru.

Yaa'ichi sirni dimokraasii Afrikaa keessatti akka cimuu fi bulchiinsi gaariin akka mirkanaa'uufi dhaga'amummaan Afrikaa akka dabaluu taasisuurrattis kan xiyyeeffatu ta'uu ibsaniiru.

Yaa'ii Gamtaa Afrikaa baranaa ilaachisuun leenjii tola ooltotaa maqaa gaarii biyyattii akka beeksaniifi

aadaa keessummoota simachuu keenya ittifufiisuuf gargaaru Giddugala Leenjii Hoggansa Afrikaatti kennameera.

Ministir De'eetaan Ministeera Dhimma Alaa Itoophiyaa Ambaasaaddar Burtukaan Ayyaano haasaa baniisaa leenjicharratti taasisaniin akka jedhanitti, leenjichi faayidaa ijaarsa maqaa gaarii

biyya keenyaa guddisuufi hariiroo biyya alaafi Paan Afrikaa milkeessuu keessattis gahee olaanaa qaba. Leenji leenjitoonni hojiilee riifoormii biyyi keenya gama siyaasaafi dinagdeen hojjechaa jirtu hubatanii akka hubachiisan taasisuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta'uu himaniiru.



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

Yaa'iin idilee Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa har'a eegalama

Finfinnee: Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa yaa'ii idilee 28ffaa har'aafi boru Hoteela Iskaay Laayititti gaggeeffama.

Yaa'ii kanarratti gabaasni hojiilee federeeshinichi waggootan darban keessa hojjete Miseensoota Mana Maree Federeeshinichaaf dhihaatee maariin akka irratti taasifamu federeeshinichi ibseera.

Ittigaafatamaan Waajjira Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa Obbo Yohaannis Ingidaa Gaazexaa Bariisaatiif akka ibsanitti, yaa'ii kanarratti miseensonni mana maree federeeshinichaa, waldaalee ispoortii, bakka bu'oonni federeeshinoota naannooleefi dhaabileen ispoortii addaddaa ni hirmaatu.

Yaa'iicharratti gabaasni faayinaansiifi odiitii federeeshinichaas kan dhihaatu yoo ta'u, bajatni bara 2017 federeeshinichaas kan ragga'u ta'uu ibsu.

Kana malees sochiiwwan ispoortii atileetiksii waggootan darban biyya keessafi biyyoota alaatti taasifaman, Taphawwan Olompikiifi Shaampiyoonaaawwan



Obbo Yohaannis Ingidaa

Atileetiksii Addunyaafi Afrikaarratti gabaasni dhihaatee irratti akka mari'atamu kaasanii, yaadawwan ka'anis akka galteetti fudhachuun federeshinicha cimsuuf kan hojjetamu ta'uu dubbatu.

Akkasumas, walitti dhufeenya federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi federeeshinoota

atileetiksii naannoo, waldaalee ispoortii atileetiksii biyya keessaafi biyyooleessaa, kan kilaboota biyya keessaa maal akka ture irratti mariin akka taasifamus ibsaniiru.

Itoophiyaan waggootan dorgommii darban keessatti biyya keessaafi biyyoota addaddaatti hirmaannaa taasisteen atileetiksiin biyyattii eessa jira kan jedhurrattis yaadonna hedduun ni ka'u jedhamee akka eegamu ibsu.

Karaa biraatiin filannoon pirezdaantummaafi koree raawwachiiftuu hojii waggootan arfan dhufaniif Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa gaggeessanii akka taasifamus ibsaniiru.

Filannoo kanaafis naannoleen maqaa bakka bu'oota isaanii dursanii federeeshinichaaf kan ergan yoo ta'u, calallii taasifameen kanneen itti amanamanis filannoo kanaaf dhihaataniiru.

Haalumakanaan filannoo pirezdaantummaafi koree raawwachiiftuu hojii federeeshinichaaf naannoo Affaarirraa kan hafe Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Dirree Dhawaa

dabalatee naannooleen hundinuu bakka bu'ootasaanii dhiheessusaanii ibsu.

Naannooleefi bulchiisonni kunneen wayita bakka bu'ootasaanii dursanii sadarkaa waajjirasaaniitti filatan enyuutu guddina ispoortii atileetiksii kanaaf ergamasaa bahaa kan jedhurratti qaamolee adda addaatiin waliin bal'inaan irratti mari'achuun sadarkaa barumsasaanii, dandeettiifi muuxannoosaanii madaaluun akka ergamanis obbo Yohaannis ibsaniiru.

Haaluma kanaan yaa'iin amma gaggeeffamu kunis eenyuutuu Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa kan waggoota darbaniif jeeqamaa ture bakka duriitti deebisa isa jedhu sirriitti ilaaluun nama biyyaafi ummata isaaf quuqamuufi deeggaruu danda'u filachuu qabu jedhaniiru.

Asirratti wanti dagatamuu hinqabne miidiyaan biyyattii akkuma kanaan dura guddinaafi cimina ispoortii atileetiksii quuqamaa turan filannoo ammaa kanas duukaa bu'uun ummanni akka beeku gochuun isaan irraa eegama jedhaniiru.

Dorgommii raawwachiiftuu hojii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi qophii kaadhimamtootaa

Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa har'aafi boru filannoo pirezdaantummaa akkasumas, kan koree raawwachiiftuu hojii Hoteela Iskaay Laayititti adeemsisa. Filannoo kana ilaalchisuun Gaazexaan Bariisaa torban darbe yaada dorgomtoota kaadhimamtoota pirezdaantotaa sadii dhiheessuunsaa ni yaadatama.

Har'a ammoo, Naannoo Giddugaleessa Itoophiyaa bakka bu'uun koree raawwachiiftuu hojiif kan dhihaatan Obbo Admaasuu Saajii yaadasaanii dhiheessineerra.

Bariisaa: Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa addunyaarratti atileetota goototaafi beekamoo horachuun kan beekamuudha. Haata'u malee haallii gurmaa'ina isaa rakkina qaba jedhamee hamatamaa jira. Isin ammoo barana miseensa koree raawwachiiftuu hojii federeeshinichaa ta'uun dorgomaa jirtu. Federeeshinii kana gargaaruuf maal qabattanii dhihaattan?

Obbo Admaasuu: Ani ogeesa ispoortii atileetiksii. Waaggoota 25f Yunivarsiitii Barnootaa Kotobeetti barsiisaa ispoortii atileetiksii Inistiraaktarummaadhaan hojjetheera; ammas achuman jira. Barsiisummaa kiyya biratti leenjisa atileetiksii garee biyyaaleessaan ture. Dursaa ta'ee biyyoota adda addaa dhaqera.

Akkasumas yeroo adda addaa miseensa raawwachiiftuu hojii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi Koree Olompikii Itoophiyaa ta'uun tajaajileera. Yeroo dhihoodhaa as miseensummaadhaa ala



ta'us federeeshinichi anaaf haarawaa miti. Federeeshinicha keessa galtee yoo ilaaltu haalli gurmaa'ina isaa rakkoo qaba. Rakkoo kanaaf ammoo furmaata kennuuf naannoo kiyya bakka bu'ee dhihaadheera.

Atileetiksiin qabanya ummata Itoophiyaati. Qabeenya kana caalaatti guddisuuf wanta narraa barbaadamu maraa gochuuf qophaa'eera.

Bariisaa: Yeroo dhihoodhaa as atileetiksiidhaan beekamtii Itoophiyaan addunyaarratti qabdu duubatti deebi'aa jira. Jaalataan ispoortii kanaa aarus ispoortii kanarraa hinfagaatu. Kana bakka duriitti deebisuuf maaltu isinirraa eegama?

Obbo Admaasuu: Akkuma beekamu yeroo taphawwan Olompikiifi Shaampiyoonaan Atileetiksii Addunyaa dhufu miira ummata keenyaa ilaaluun ni danda'ama. Rakkoolee uumamaniif "osoo akkana ta'ee gaariidha"

jedha malee atileetiksii hinhalaaleeffatu. Anis wayita hojiin yaraa mul'atu waanin keessasaa beekuuf ofittin aara malee ispoortii kanarraa fagaachuu hindanda'u.

Kanaafuu haala qabatamaa yeroo ammaa keessa jiru kana waanan argeef hanga humni kiyya danda'etti beekumsaafi muuxannoon qabuun hiriyoota kiyya wajjiin seeraafi danbii atileetiksii kabachiisee qabxiin keenya akka bakka duriitti deebi'un godha. Ummata keenya keessa namoonni dandeetti qaban baay'een jiru. Hundisaanii guddina atileetiksii keenyaaf akka quuqaman nan hubadha. Kanaafuu barumsan qabuun irra caalaa isaan wajjin ispoortii atileetiksii kana nan guddisa jedheen yaada. Jaalataa ispoortii kanas hammachuun akka atileetiksii gargaaranin godha.

Bariisaa: Atileetiksiin keenya yeroo ammaa qaamolee fedhii addaa qabaniin waan gaggeeffamuuf achi siiqu hindandeenye jedhama, isinoo maal jettu?

Obbo Admaasuu: Itoophiyaan hunda duraa atileetiksiidhaan Afrikaa beeksisuun meedaaliyaa warqii kan argamsiiste ta'ushee addunyaan guutuun ragaa baha. Olompikii Meelborni kan Awustiraaliyaatti adeemsifamerra kaasee yeroo sadiif sababii adda addaatiin hirmaachuu baannus olompikiwwan 14 irratti hirmaanneerra.

As keessatti ga'een namoota Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa gaggeessan taphatan dagatamuu hinqabu. Federeeshinichi namoota ciccimoodhaan dursameera. Obbo Yidinaqaachaw Tasammaa, Obbo Nigusee Roobaa, Doktor Bazzaabbih Waldee dabalatee namoota ciccimoodhaan durfameera.

Kutaa teknika federeeshinichaa cimsuun atileetoota gootota Abbabaa Biqilaa, Maammoo Waldee, Mirutsi Yifxar, Mahaammad Kadir, Isheetuu Turaa, Daraartuu Tulluu, Haayilee Gabrasillaasee, Faaxumaa Roobaa, Gazzahaanyi Abarraa dabalatee atileetonni Itoophiyaa bakka bu'uun atileetota beekamoo addunyaa cinqaa turaniidha. Isaanis beekamtii kan argatan hoggantummaafi leenjistummaa nammoota federeeshinii kana gageessaniin ture. Fedhii addaa barbaadanii osoo hintaane guddina atileetiksii biyya kanaaf kanneen hojjetan turan.

Haata'u malee waggoota muraasaa as waldhabdee miseensota Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi Koree Olompikii Biyyaaleessaa gidduutti umameen ispoortichi rakkoo keessa galeera.

Rakkoo kana kan uuman namoota muraasa ta'usaanii nan hubadha. Furmaata kan argatu filannoo har'aafi boru gaggeeffamuuni. Kana yoon jedhu hoggantoonni kanaan dura turan fedhii addaa qabu jechuu koo miti.

Komishinar Daraartuu Tulluu guddina ispoortii kanaaf durumarraa kaasee hanga hoggantummaatti waan isheen hojjeette akka laayootti kan ilaalamu miti. Ummanni keenya keessumattuu jaalataan ispoortii atileetiksii komishanara keenya dagachuu hindanda'u.

Haata'u malee rakkoon federeeshinichaa akkuman gubbaarratti kaase akkaataa gurmaa'ina isaati. Seerafi danbiisaa fooyyeesuurratti rakkoo guddaatu jira, isa ammoo foyyeesuun dirqama.